




Irreecha:

Faajjii tokkummaafi obbolummaa



“Irreechi Hiree Nagaafi Araaraati!”
- Ministira Muummaa Abiyyi Ahmad (PhD)

fuula 2



ODUU



“Irreechi Hiree Nagaafi Araaraati!”

- *Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)*

Kabajamaa Ummata Oromoo, Kabajamtoota Ummattoota Itoophiyaa, Duraan dursee бага bacaqii baatanii gara booqaa birratti ceetan, бага ittiin isin gahe jechuun barbaada. Argachuufi dhabuu, quufaafi beela, milkiifi hanqina, guutuufi hir'ina, dabarsine hunda keessatti kan nu waliin ture Uumaa keenya Waaqayyoon galateeffachuu aadeffanneerra. Irreechi

ayyaana galateeffannaa ummata Oromooti. Kanaafuu, hunda dura Uumaan rakkoo uumamaafi nam-tolchee nu dandamachiisee, gufuu xiqqaafi guddaa irra nu aansee, ifa birraa nu agarsiise haa ulfaatu, haagalatoomu! Ummanni Oromoofi Itoophiyaanonni hundi бага geessan; Бага waliin ittiin

Gara fuula 21tti

“Irreechi Oromoo danqaawwan hedduu darbee ulfoofi ulfina Oromoo addunyaatti mul'ise”

- *Shimallis Abdiisaa, Pirezidaantii MNO*

Uumaan uumamasaa wayita uume yeroo qabeenya hunda irra qaalii ta'e kenna taasisee gumaachuun baraaf yeroo keessatti hojjetee akka bulu taasise. Oromoonis dhahaa tartiiba yeroo hunda qajeelfachuun waqtii dhufee darbu keessatti godhameefiin uumaa isaa yoo galateeffatu kan dhufuuf milki qajeelfachuuf waloon kadhata. Haala kanaan Ganni dabree Birraan yoo bariu Oromoon Uumaa isaa dukkana Gannaa waatiif maatii, alaaf manaan ofkalchee, kan inni facaases margisiisee kumaaf kitilaan ija itti naqeeffii beelli quufaan akka moamu taasise gamtaan malkaatti ba'ee irreeffachuun galateeffata. Oromoof Irreechi waa hunda yoo ta'uu bara maree dabre ofkalee uumaasaa 'Yaa mareewoo' jechuun yoo galateeffatu kan maree dhufeeffis Gabbisaayyoo Gabbisi Waaq jechuun uumaasaa kadhatee milki qajeelfachuun walooma isaa jabeeffata.

Ganni dabree Birraa ifaaf miidhagina uumamaan faayametti ceenee uumaan diina keenya Hiddii Fardi irra ejjete taasisee gamtaan akka isa galateeffannuuf hunda keenya gargaaree jira. Uummanni Oromoo, sabaaf sablammoonni hundi бага Ayyaana Irreechaa bara 2016 nagaan geessan jechuun barbaada. Ulfaataafi kabajamoo uummata Oromoo akkuma waggaa darbe Oromoota



miliyoona hedduufi sabaaf sablammoota biyya keenyaa waliin dabaalamnee Uumaa galateeffannee kan bara kanaaf imaanaa itti laatannee turre galfata keenya nuuf simateera. Waktii Bona rakkisaa keessatti gaaddisa isaa waakkiifi qooddaa hinqabne nurra qabee; aduu gubaa akka abidda saafaa nurraa qabbaneesseera. Ganna dhiiibuu dukkana gurraachaa keessattis rooba yandoo, obomboleettii hamaafi lafa lafattii citu hunda nu oolchee araara isaatiin booqaa Birraatti milkiifi injifannoon nu hulluuksee Ayyaana Irreecha malkaa

Gara fuula 21tti

Dayaasporaan Oromoo ayyaana Irreechaa aantummaan hirmaataa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Dayaasporaan Oromoo kabaja ayyaana irreechaa biyya keessaafi alaatti hirmaannaa ho'aa taasisaa jiraachuun ibsame.

Dura Taa'aa Ittaanaan Waldaa Dayaasporaa Itoophiyaa Obbo Dammaqaa Nagaasaa Roobii darbe Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti, dayaasporaa hedduun kabaja ayyaana Irreechaarratti argamuuf biyya seenaa jiru. Hubannoo midiyaaleen hawaasa Irreechaarratti afaanota garaagaraan uumaa jiraniifi hojiin waldaan dayaasporaan hojjetames olaanaadha,

Namootni biyya hambaa dhufan viidiyoo kabaja ayyaana Irreechaa kana duraa ilaalanii ayyaannichi akka ayyaanota biroo meeshaalee akka qawwee, eeboofaa osoo hintaane marga qabachuun kan kabajamu ta'uusaatiin ayyaana nagaafi jaalalaa ta'uu dhugaa ba'aa jiraachuu ibsanii; fedhiin uffata aadaa Oromoo bitachuuf jirullee daran olaanaa ta'uu dubbataniiru.

Haaluma walfakkaatuun Ittigaafatamaan Dhimma Dayaasporaa Oromoo Obbo



Obbo Amiin Jundii

Amiin Jundii gamasaaniin akka jedhanitti, ayyaana irreechaa Finfinneetti kabajuun firii wareegama qaali kaleessaa keessaa tokko ta'uu dayaasporaan Oromoo bareechee amana. Hirmaannaan taasisaa jirus kallattuma kanaani. Obboloota saba biroo ala jiran waliinis ayyaanicha tokkummaan kabajuuf sochii taasisaa jira.

Dayaasporaan Oromoo hedduun kabaja ayyaana Irreechaaf dhufuu himanii; kanneen hafanis biyyoota hambaa garaagaraa keessatti ayyaanicha kabajaa akka jiran dubbataniiru.

Akka isaan ibsanitti, dayaasporaan Oromoo yeroo kamuu caalaa hirmaannaa



Obbo Dammaqaa Nagaasaa

siyaasaafi dinagdee bal'aa taasisaa jira. Ammaan tana hirmaannaa dayaasporaatiin manni barumsaa oolmaa daa'immanii qarshii miliyoona 15n magaalaa Adaamaatti ijaaramaa jira. Hedduunis gara biyyaa dhufuun misooma qonnaarratti hirmaachuun hawaasaafi biyyaasaniijijjiiruurratti argamu.

Dayaasporaan Oromoo akka kaleessaa odeeffannoo dogoggoraatiin mootummaarratti dhagaa darbachaa hinjiru. Inumaayyuu mootummaan danqaawwaniifi shira hedduu itti xaxamu keessa taa'ee biyya gaggeessaa jiraachuu qabatamaatti dhufanii arguun humna

ta'uufirratti argamu. Olola jibbiinsaa waltajjii addunyaatti adeemsifamuu dhugaa qabatamaan fashaleessaa jiru jedhan.

Ayyaanni Irreechaa ayyaana galateeffannaa waan ta'eef tokkummaafi jaalala biyyattii cimsuu keessatti taate akka carraatti ilaalamuudha jedhanii; hundaa ol garuu abbaan jijjiirama biyya kanaa Qeerroofi Qarreen Oromoo kabajni ayyaanichaa akkuma maqaasaa jaalalaa nageenyaan akka kabajamuuf aantummaa addaan hojjechuu akka qabanis dhaamaniiru.

Qeerroofi Qarreen Oromoo duudhaa mataasaanii bira darbuun biyya tiksuufti ijaaruu keessatti quuqamaan tarkaanfachuun akka qaban himanii; sochii diigumsa biyyaa gama kamiinuu taasifamu qolachuun gaheesani ta'uu hubachiisaniiru.

Dayaasporaan Oromoo kan kaleessa goolii kaasaa tureef biyyasaa jibbee osoo hintaane mirga biyyasaa jaalachuun sarbuusaarraa kan ka'e ta'uu yaadachiisani; yeroo ammaa garuu rogawwan maraanuu dhimma biyyasaarratti akka hirmaatuuf mootummaan waamicha bal'aa taasisuu dubbataniiru.

Maxxansa Addaa

Irreechi Oromoof ibsituu eenyummaa Itoophiyaaf ammoo qabeenya walooti

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Irreechi Oromoof ibsituu eenyummaa Itoophiyaaf ammoo qabeenya waloo ta'uunsaa hubatamuu akka qabu ibsame.

Mana Amantii Ortodoksii Itoophiyaatti Gaggeessaa Hojii Ittaanaan Mana Lubummaa Qeesis Balaay Mokonnaan ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, matadureen kabaja ayyaana Irreechaa baranaa "Irreecha, Faajjii Tokkummaafi Obbolummaa" jedhamuunsaa duudha ganamaa Irreechaa kan madaaledha. Irreechi ayyaana galataa nagaa, tokkummaafi jaalala lallabu eenyummaa waloo amantiin walitti hinbuune ta'uun ala garaagarummaa tokko malee kan kabajamuudha.

Kabajamuuf isa biroo kabajuun qajeelfama amantiin hundaa ta'uus eeranii, Ameerikaa dabalatee biyya kamittuu kallattiin aadaan



uuma tokkummaan galateeffachuu waan baramaafi amantiin walhindhiitne ta'uu kaasu.

Saba kamuu ta'anii dhalachuufi faalasamni eenyummaa kenna uumaan nama badheese ta'uu ibsanii, kenna eenyummaa kana kabajuufi kunuunsuu uumaa gammachiisuudha jedhan. Ayyaanotni



aadaas ta'e amantiin 'UNESCO'tti hambaa kiliyaa ta'anii galmaa'an maqaa Itoophiyaan akkuma ta'e faayidaa isaan maddisiisanis qabeenya waloo ta'uu ibsu.

Akka isaan jedhanitti, kabajni ayyaanota garagaraa maqaa Itoophiyaa addunyaarratti olkaasaa jira. Tokkummaan garaagarummaa keessa jirus ifee mul'ataa dhufeera. Adeemsa

kabajaa kana keessatti obbolummaafi tokkummaan daran jabaataa jira; inni tokko isa kaan hubachuufis carraan bal'ataa jira. Barreessaan Gumii Abbootii Gadaafi Abbaan Gadaa Tuulamaa Goobana Hoolaa gamasaaniin, Oromoon ummata saboota hundaan walittidhufeenya jaba qabu wan ta'eef kabaja ayyaanichaaf matadureen, "Irreecha Faajjii Tokkummaafi Obbolummaa" duudhaafi hammattummaa sabichaa kan ibsu ta'uu eeraniiru.

Ummatiin dhahaafi amantiin mataasaa, Waaqeffannaa jedhamu qabu ta'uu eeranii; irreechi garuu amantiin osoo hintaane duudhaa galateeffannaa garaagarummaa tokko malee Oromoon saboota kaan wajjin irratti hirmaachaa jiran ta'uu himu.

Matadureen kun osoo ummatni biyyattii kabaja ayyaana Irreechaa jaalatee hinkabaju ta'ee tokkummaafi obbolummaa hinjedhamu ture jedhaniiru.

Afaan Oromoo utuma gadqabamuu didee afaan idil addunyaan ittiin waliigalu ta'e

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Tattaaffii gareen dargaggoota Oromoo biyya keessaafi alaa waggoota saddeettan darban Afaan Oromoo dijitaallessuuf taasisaa turaniin, Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan hojii dhaabbilee idil addunyaa kanneen akka 'Facebook, Telegram, Instagram, WhatsApp' ta'ee tajaajiluu erga jalqabee waggaa tokko ta'eera.

Afaan Oromoo yeroo ammaa afaanota addunyaa 7,000 ol keessaa tarree afaanota gurguddoo 133 faana hiriiru danda'eera. Afaan Oromoo kana caalaatti guddatee afaan saayinsii teknoloojii, qorannoofi qo'annoo, turizimii, daldalaafi qunnamtii idil addunyaa akka ta'uuf 'Waldaan Afaan Afrikaa - 3A' hayyoota yunivarsiitiiwwan gara garaa waliin tattaaffii cimaa taasisaa jira.

Gareen Afaan Oromoo dijitaallessuuf tattaaffii cimaa taasisaa ture 'Waldaa Faan Afrikaa - 3A' hundeessuun bifa haaraan gurmaa'ee hojii erga jalqabee waggaa tokko ol ta'eera. Waldichi hojii Afaan Oromoo dijitaallessuu kana hayyoota yunivarsiitiiwwan gara garaa filatamaniifi qaamolee gara garaa dhimmichi ilaalatu waliin hojjechaa jiraachuu durataa'aa boordii waldichaa Pirofeesar Tashoomaa Soromeessaa waltajjii marii dheengadda Finfinnee, galma Yunivarsiitii Riifti Vaaliitti adeemsifamerratti himaniiru.

Waldichi hiikaa barreeffamaa hayyoota yunivarsiitiiwwan gara garaa filataman 93 ol ta'an waliin hojjechaa jiraachuu himanii, gaazexeeditoonni shamarranii 30 ol ta'an ammoo hiikaa sagalee hojjechaa jiru. Biiron Barnoota Oromiyaas torban darberraa kaasee hojii hiikaa Google Afaan Oromoo waldicha waliin hojjechuu jalqabeera. Ogeeyyonni afaanii kollejoota gara garaas milkaa'ina hojii kanaatiif gumaacha isaanirra eegamu



akka bahatan taasifameera jedhu.

Afaanota addunyaa dijitaallessuun ALA bara Ebla 2, 2006 jalqabe; maashiniin googiliis yerosuma hojii jalqabe. Afaanonni gurguddoon addunyaa kanneen akka Ingiliffaa, Jarmanii, Faransaay, Ispaaniish battalumatti dijitaal'an. Afaan Oromoo dijitaallessuun kan jalqabame garuu bara darbe.

Afaanichi bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee har'a sadarkaa abdachiisaarra gaheera. Yeroo ammaa Afaan Oromoo afaanota addunyaa gurguddoo 132tti hiikamuu danda'eera kan jedhan Pirofeesar Tashoomaan, dargaggoota afaanicha dijitaallessuuf baay'ee itti dadhabaa turaniifi jiranis galateeffataniiru. Dhalataan Oromoo kamuu dhimma Oromoorratti tokkummaafi cichoominaan hojjechuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Miseensi boordii waldichaa Doktor Fiqaaduu Qana'aa barreeffama ka'umsa marii waltajjicharratti dhiyeessaniin akka jedhanitti, Afaan Oromoo dijitaallessuun Ummata Oromoof milkaa'ina guddaadha. Afaanicha mataa keessa gad rukutuun waan itti baay'atuuf guddina afaanichaarratti kutannoo cimaadhaan hojjennee warra guddina afaanichaatti hinaafan caallee gad ilaaluu qabna. Afaan yoo dijitaal'e afaan teknoloojii, saayinsii, qorannoofi

qo'annoo, daldalaa, turizimiifi qunnamtii idil addunyaa ta'a. Afaan Oromoo yeroo ammaa tarree afaanota gurguddoo addunyaa 133 hiriiruudhaan afaanota 132tti hiikamuu danda'eera jedhu.

Afaan Oromoo carraaqii namoonni dhuunfaafi gareen waggoota saglan darban taasisaa turaniin bara darberraa egealee afaan 'Google' ta'ee beekamtii argateera kan jedhan Doktor Fiqaaduu, Waldaan Afaan Afrikaa - 3A yeroo ammaa qulqullina hiika afaanichaa mirkaneessuu, hiika sagaleerratti hojjechaa jira.

Yeoo ammaa qulqullinni hiika googilii Afaan Oromoo kan duraarra daran fooyya'eera. Hojiiin kun itti fufiinsaan waan hojjetamuuf abbootiin qabeenyaafi dhaabbilee mootummaafi mitmootummaa biroonis hojii waldichi hojjechaa jiru caalaatti milkeessuuf deggersa barbaachisu akka taasisaniif gaafataniiru.

Afaan Oromoo waa'ee eenyummaa Oromooti. Afaanichi utuma dhiibamuu yeroo ammaa Afaanota gurguddoo addunyaa faana hiriiruudhaan afaan addunyaan ittiin waldhaga'u ta'eera. 'YouTube'nis Afaan Oromoo fayyadamuu jalqabeera. Afaan Oromoo akka baduuf irratti hojjetamaa ture didee afaan idil addunyaan ittiin wal dhaga'u ta'eera jedhu.



Hojjigeessaa waldichaa Abdiisaa Baancaa Jaarraa akka jedhutti, hojiiin hiika googilii Afaan Oromoo ittifufiinsaan waan hojjetamuuf hirmaannaa hayyoonni yunivarsiitiiwwan gara garaa gama kanaan taasisaa jiran cimee akka itti fufuuf gaafataniiru.

Afaan Oromoo eenyummaa keenya. Eenyummaa keessa ammoo afaan, aadaafi safuu jira. Kanaafuu Afaan, aadaafi safuu keenya guddisuurratti tokkummaan waliin hojjechuu qabna jechuun hayyoota yunivarsiitiiwwan gara garaa irraa hiika Afaan Oromoo Googliitti galchuurratti hirmaachaa turaniifi qaamolee waldichaaf deggersa gara garaa taasisan galateeffataniiru.

Hundumtuu dhimma guddina afaanichaarratti tokkummaan hojjechuu akka qabuufi keessumaa hayyoonni gaheesaanii sirriitti bahachuu akka qaban yaadachiisaniiru.



**“Waa’ee
dhugeeffannaa
Oromoofi
jaarmiyaalee sirna
Gadaa qoradheera”**

fuula **12**



**“Akkuma Afrikaattuu
ayyaanni addababa’ii
ummanni miliyoona afurii ol
waltajjii tokkorratti waliin
kabaju Irreecha qofa”**

- Obbo Geetaachoo Taaddasaa (Qorataa Sirna Gadaa)

fuula **6**

Irreecha:
Feestivaala guddicha
Afrikaa



fuula **12**



**Irreechaafi mana
nyaata aadaa Oromoo
Finfinneetti**

fuula **14**



**Magaalota akka Finfinneefi
Bishooftuutiif humna dinagdee
dabalataa ta’aa kan jiru; kabaja
ayyaana Irreechaa**

fuula **24**

Maxxansa Addaa

“Akkuma Afrikaattuu ayyaanni addababa’ii ummanni miliyoona afurii ol waltajjii tokkorratti waliin kabaju Irreecha qofa”

- Obbo Geetaachoo Taaddasaa (Qorataa Sirna Gadaa)

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Yunivarsitii Diillaatti barsiisaa seeraa, Yunivarsitii Bulee Horaatti ammoo barataa doktareetii Gadaafi Bulchiinsaa, Obbo Geetaachoo Taaddasaati. Gaafdeebii Gaazexaan Bariisaa Wiixata darbe duudhaaleefi jaarriyaalee Sirna Gadaarratti xiyyeeffachuun turtii Qorataa Sirna Gadaa kana waliin Wiixata darbe taasise akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessan gabaabaatti utuu nuuf ibsitani?

Obbo Geetaachoo: Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Warra Jaarsoo, Ganda Aabbuu Keekkuuttin dhaladhe. Barnoota koo sadarkaa tokkoffaa kutaa 1ffaa hanga 6ffaatti bakkuma dhaloota koo, Mana Barnootaa Maammeetti, kutaa 7ffaafi 8ffaaf Mana Barnootaa Tulluu Milkii, kan Magaalaa Tulluu Milkiitti aragamuttin baradhe. Kutaa 9ffaaf ammoo Mana Barnootaa sadarkaa 2ffaaf Qarree Guwaa kan Aanaa Warra Jaarsoo, Magaalaa Qarree Guwaattin baradhe.

Kutaa 10ffaaf hanga 12ffaatti ammoo Finfinneetti Mana Barnootaa sadarkaa 2ffaaf Daagimaawwii Minilikittin baradhe. Waanin baadiyyaatti dhaladheef akkuma ilma qonnaan bulaa kamuu jabbiilee, hoolotaafi loowwan tiksee, qotee, aramee haameen maatii koo gargaaraa guddadhe.

Digrii koo tokkoffaa barnoota Seeraatiin Yunivarsitii Diillaarraa, digriikoo lammaffaa barnootuma Seeraatiin Yunivarsitii Haramayyaarraa kanan fudhadhe yoo ta’u, yeroo ammaa ammoo Yunivarsitii Bulee Horaatti Gadaafi Bulchiinsaan barataa digrii doktareetii waggaa sadaffaati. Sirna Gadaatiin sadarkaa kanatti barataa jalqabaatti jechuudha.

Yunivarsitii Bulee Horaatti barattoota digrii lammaffaa barataniif koorsiiwwan gara garaa kennaan jira. Yunivarsitii dhuunfaattis nan barsiisa. Akkasumas gorsaa seeraa ta’ee, hojii pirojektii, dhimmoota seeraa, dubartootaa, nageenyaarratti dhaabbilee adda addaa waliin hojjechaan jira. Yoo Waaqayyo jedhe waggaa tokkoofi ji’oota muraasa booda barumsa koo digrii sadaffaa nan xumura.

Bariisaa: Waraqaan qorannoo digrii sadaffaa keessan dhimma maaliiratti xiyyeeffata?

Obbo Geetaachoo: Waraqaan qorannoo digrii koo sadaffaa dhimma ‘Seera Aadaafi Seera Ammayyaa’ irratti Xiyyeeffata. Oromoon karaa seera aadaafi seera ammayyaatiin (Paarlaamaafi Caffeen Oromiyaa baasuun) lafasaafi qabeenyasaa akkamitti bulcha? Oromoon akkamitti nageenyasaa tikfata ykn kunuunsa? Nageenyi karaa seera aadaafi seera ammayyaa akkamitti ilaalama? Nageenya jechuun maaliidha? Akkamitti nageenya ijaaruun danda’ama? Seerri aadaafi seerri ammayyaa walitti bu’a moo waliin deema? Yoo walitti bu’a ta’ee akkamitti fooyyessuun danda’ama? dhimmoota jedhaniratti

xiyyeeffata. Qorannoo kana seerota aadaa, seerota ammayyaa fi Sirna Gadaa walbira qabeen adeemsisaa jira.

Sabni tokko seera aadaafi seera ammayyaa mootummaan baaseen bula, qabeenyasaa bulcha. Sabni tokko akka aadaattis seera mataasaa qaba. Seerri ittifayyadama lafaa mootummaan baasefi seerri bulchiinsa lafaa kan aadaa akkamitti waliin deema?

Nageenya ijaaruun walqabatee dhimma namoota walitti bu’anii karaa seera ammayyaa (Mana Murtii Idilee) ilaaluurra karaa seera aadaa (Mana Murtii Aadaa) ilaaluutu faayidaa qaba kan jedhu walbira qabnee ilaaluu qabna.

Waraanni hinjiru jechuun nageenyi jira jechu miti. Oromoon yoo hongeen mudate, dhukubni dhufe, bineensi bosonaa bahee nama miidhe nageenyi hinjiru jedhee fudhata. Oromoon ‘Nageenya yeroo nagaa jiru tikfatu’ jedhee amana. Waraqaan qorannoo koos dhimmoota kanneeniratti xiyyeeffata.

Bariisaa: Mariin biyyaalessaa adeemsifamuuf jedhu gama rakkoo nageenyaa karaa nagaan furuufi nageenya biyyaa haala amansiisaatiin ijaaruutiin akkamitti ilaalama?

Obbo Geetaachoo: Nageenyi kan bu’uufi kan argamu karaa nagaa qofaani. Waraanaan nageenya argachuun hindanda’amu. Oromoon ‘Nagaa yeroo nagaa tiks’u jedha. Waraana keessa taa’anii nagaa fiduun ni ulfaata.

Nageenyi kan dhufu walitti dhufanii waliin mari’achuun, waldhaggeeffachuufi dhimmoota irratti waldhaban ilaafi ilaameen furuudhaani. Rakkoon nageenyaa mariifi ilaafi ilaameedhaan hinfuramne hinjiru. Qaamni dhimma nageenyaarratti mari’achuuf dhufu kamuu garaa qulqulluun ta’uu qaba. Gaafuma walitti dhufu araari ni ta’a, nageenyi ni dhufa jedhee amanuu qaba.

Addunyaarratti sabaafi saba gidduutti, biyyaafi biyya gidduutti waraanonniifi lolli gara garaa raawwatamaniiru. Erga lubbuun namoota hedduu waraanichaan darbeefi qabeenyi guddaan barbadaa’ee booda garuu gara nageenyaatti dhufama. Fakkeenyaaf Ruwaandaatti walitti bu’iinsa Hutuuufi Tutisii gidduutti uumameen lubbuun lammiilee hedduu erga darbeeyyii sirna araaraa ‘Gachaachaa’ jedhamuun araara kan buusan.

Nageenyi waraanaan utuu hintaane mariifi araaraan dhufa. Sirni Gadaa Oromoos nageenyi marii, araaraafi obbolummaa cimsuudhaan kan dhufu ta’uu barsiisa. Mariif taa’uu dura qaamoleen hundi nageenyaafi araarratti amanuu qabu. Mariin biyyaalessaa biyya keenyatti adeemsifamuuf jedhu rakkoo nageenyaa akka furu dursee ittiamanamuu qaba.

Bariisaa: Sirni Gadaa Oromoodhaafi maali?

Obbo Geetaachoo: Oromoon waa’ee addunyaa Sirna Gadaa keessatti ilaala. Sirni Gadaa ibsituu eenyummaa Oromooti. Sirni Gadaa waan tokko ta’ee duudhaaleefi jaarriyaalee hedduu of keessaa qaba.



Suurri: Iyyoob Tafaritiin

A akka Sirna Gadaatti daa’imni tokko dhalatee abbaafi haadha dhabuu hindanda’u. Daa’imni tokko sababoota gara garaatiin yoo maatiisaa dhabe Oromoon daa’ima sana fuudhee akka ijoolleesaatti eegee kunuunsee guddisa

Wantoota Oromoon waliin qabu keessaa tokko Sirna Gadaati. Oromoon Afaan, seenaafi Sirna Gadaa waliin qaba.

Gadaan sirna bulchiinsaa, siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, amantiifi waraanaa waan hammatuuf Oromoof waa hunda. Waa’een sirnichaa waan yeroo gabaabaa keessatti ibsamee xumuramu miti. Sirni Gadaa duudhaaleefi jaarriyaalee gara garaa of keessaa qaba. Jaarriyaalee sirnaa keessaa tokko ammoo Irreecha. Araari, dhiifamni, naannawa eeguufi kunuunsuun, waljaalachuun, waldanda’uun ammoo duudhaalee Sirna Gadaa keessaa isaan muraasa.

Akka Sirna Gadaatti daa’imni tokko dhalatee abbaafi haadha dhabuu hindanda’u. Daa’imni tokko sababoota gara garaatiin yoo maatiisaa dhabe Oromoon daa’ima sana fuudhee akka ijoolleesaatti eegee kunuunsee guddisa. Daa’ima haala kanaan guddises gosasaatti dabala. Daa’imni guddifachaan guddates kan Oromoon jaalatu jaalatee kan Oromoon jibbu jibbee waliin jiraata. Guddifachaanis jaarriyaalee Sirna Gadaa keessaa tokko yoo ta’u, daa’imni tokko haadhaafi abbaa akka

Maxxansa Addaa

“Akkuma Afrikaattuu ayyaanni ...

hindhabne kan taasisuudha.

Sirni Gadaa Oromoon Uumaafi uumama, ollaa, hawaasa naannawaafi gosa biraa waliin nagaan akka jiraatu kan taasisu duudhaalee gara garaa of keessaa qaba. Oromoon nagaatti amana, nagaa jaalata, nagaa kunuunsaa.

Oromoon nagaaf iddoo guddaa kenna. Oromoon bunaafi nagaa hindhabinaa jedha. Bunni qabeenya bakka bu'a. Qabeenya hanga fedhe qabaatanii nageenyi hinjiru taanaan qabeenyichi akka gatii hinqabne waan hubateef “Bunaafi Nagaa Hindhabinaa!” jedhee waliisaas ta'e warra kaan eebbisa. Bunaafi nagaa hindhabinaa kan jedhu falaasama guddaa of keessaa qaba. Waa'een nageenyaa isa har'a addunyaan nutti himu utuu hintaane durirraa eegalee Oromoo biratti iddoo olaanaa qaba.

Oromoon dhiifama beeka, dhiifama qofa miti araara beeka, tokkummaa beeka, jaalala beeka, nagaan waliin jiraachuu beeka. Oromoon dhala namaa mitii bineensa bosonaa waliinuu nagaan jiraachuu beeka. Sirna Gadaa keessatti namni bineensa seeraan ala ajjeessee muka seeraan ala mure ni adabama.

Akka Sirna Gadaatti mukti muramuufi hinmuramne jira. Mukni akka hinmuramne dhorkamu “Muka kana muruun safuudha” jedhamee lallaba. Lafti wayyu (ulfoodha), lagi wayyuu, tulluun wayyu jedhamee lallaba. Kun Oromoon jalqabumaa kaasee naannawasaa eeguufi kunuunsuutti kan beeku ta'uu agarsiisa.

Sirni Gadaa kun akka barbaadametti deema jiraa kan jedhu garuu gaaffii kaasuu mala. Kanaafuu dhaloonni ammaa qabeenya naannawaasaa kana eeguufi kunuunsuun dhaloota ittaanutti dabarsuuf ittigaafatamummaa guddaa qaba. Erga Gadaan waa hunda Oromooti jennee waa hunda Gadaa keessatti ilaalta jechuudha.

Oromoon falaasama ollaasaa, saboota naannawaasaa, Uumaa, uumamaafi ummata waliin nagaan jiraatu gabbataa qaba. Uumaan Waaqa waa hunda uumeedha. Umamni ammoo kan lafarra jiraatu, kan bishaan keessa jiraatuufi samiirra balali'u, kan lafee qabuufi kan hinqabneefi kan hafuura baafatu hunda of keessatti hammata.

Ummanni ammoo dhala namaa hunda of keessatti qabata. Oromoon Uumaasaa ni galateeffata, ni kadhata. Umama ammoo eegge kunuunsee nagaan waliin jiraata. Irreechi sirna Oromoon ittiin Uumaasaa galateeffatuufi kadhatu akkasumas waliisaafi uumama eebbisu keessaa isa guddaadha. Sirni Gadaa ‘UNESCO’tti akka galmaa'u kan taasises duudhaaleefi jaarriyaalee sirnicha keessa jiraniidha.

Bariisaa: Sirni Gadaa jidduutti laafuusaatiin miidhaan akka sabaattis ta'e biyyaatti qaqqabe yoo jiraate?

Obbo Geetaachoo: Oromoon yoom Gadaadhaan buluu jalqabe yoo jenne jaarraawwan hedduu duubatti deebinee ilaaluu nu gaafata. Sirni Gadaa wadaro Oromoo hunda hammatee bakka tokkotti qabee hanga har'aatti akka jiraatu taasisedha.

Sirni Gadaa tokkummaa Oromoo jabeessaa, eenyummaasaa beeksisaafi jaalalasa cimsaa waan dhufeef sirnoota darbaani dhiibamaafi



waljabeessee, walutubee eegge har'aan gaheera.

Sirni Gadaa bara 1983 as deebi'ee lubbuu horachuu jalqabe. Heera biyyattii keessattis namni kamuu aadaa, afaaniifi seenaasaa guddisuu, kunuunsuufi barsiisuu akka danda'u taasisame. Kun Sirni Gadaa ‘UNESCO’tti akka galmaa'uuf ka'umsa ta'eera.

Sirnichi bara 2009 hambaa kiliyaa ta'ee “UNESCO”tti erga galmaa'ee booda qabeenya Oromoo qofa utuu hintaane addunyaas ta'eera. Kanaafuu sirnicha tiksuum, guddisuun, beeksisuun, ittiin barachuufi dagaagsuuf hundi keenya ittigaafatamummaa qabna. Keessumaa mootummaafi dhaabbileen barnootaa sirnicha guddisuufi dagaagsuurratti gahee irraa eegamu bahachuu qabu.

Oromiyaatti barnoonni Sirna Gadaa kutaa Iffaa hanga 8ffaatti kennamaa jira. Yunivarsiitiin Naannoo Oromiyaa, Yunivarsiitiin Bulee Horaa, Yunivarsiitiin Haramayaafi Yunivarsiitiin Jimmaa Sirna Gadaarratti hojjechaa, qo'annoofi qorannoo adeemsisaa jiru.

Kana booda sirnichi duubatti hindeebi'u. Garuu ammoo akkas jennee taa'uu hinqabnu. Sirnicha caalaatti eeguu, kunuunsuu, qorachuufi beeksisuutu nurraa eegama. Gadaan sirna eenyummaa, tokkummaafi jaalala keenya keessatti arginuudha. Sirna Gadaa kanaan hariiroo hawaasummaa, tokkummaa, aadaafi haala bulchiinsa keenyaa cimsachaa deemuu qabna.

Bariisaa: Sirni Gadaa erga “UNESCO”tti galmaa'ee as jijjiirama akkamii argamsiise?

Obbo Geetaachoo: Sirni Gadaa erga hambaa kiliyaa ta'ee ‘UNESCO’tti galmaa'ee as sirni bulchiinsaa kamuu yoo dhufe baduu hindanda'u. Sirnicha addunyaanuu ni tiksa waan ta'eef. Sirni Gadaa hambaa kiliyaa ta'ee erga galmaa'ee as naannoo Oromiyaatti sirna barnootaa keessa galee kutaa Iffaa hanga 8ffaatti akaakuu barnootaa tokko ta'ee barsiifamaa jira.

Sirnichi yunivarsiitiwwan gara garaa

keessattis sadarkaa digrii tokkoffaa, digrii lammaffaafi sadaffaatti kennamaa jira. Barattoota Sirna Gadaatiin digrii sadaffaa barachaa jiran keessaa tokko ana. Erga Sirni Gadaa hambaa addunyaa ta'ee galmaa'ee as qorannoofi qo'annoon bal'inaan irratti adeemsifamaa jira.

Ergasii as Buusaa Gonofaan akka hundaa'u ta'eera. Buusaa Gonofaan aadaa yeroo rakkinaatti walbira dhaabachuu Sirna Gadaa keessa jiru caalaatti cimsuuf jecha hundeeffame. Dhaabbatiichi bara darbe yeroo ummanni Booranaa hongeeff saaxilametti gargaaruun akka lammiileen balicha dandamatan taasisera. Buusaan Gonofaa jaarriyaa Sirna Gadaa keessaa tokko.

Manni Murtii Aadaas hundaa'eera (maqaansaa utuu ‘Gaaddisa Aaraaraa’ ta'ee gaariidhan jedha). Kaayyoon mana murtichaa murteessuu utuu hintaane araarsuu waan ta'eef Mana Murtii Aadaa keessatti namni tokko waan ragaa dhabeef haqa hindhabu.

Manni Murtii idilee haqa kee utuu hintaane ragaa kee ilaalee sii murteessa. Manni Murtii Aadaa garuu ragaa utuu hintaane haqa jiru ilaalee warra walitti mufate araarsee obbolommaansaani kan duraaniirra akka cimu taasisa.

Sirni Gadaa kariikulamii barnoota biyyattii keessa galee dhaabbilee barnootaa gadaanaarraa hanga olaanaatti akka irraa baratamuuf ammayyuu qorannoofi qo'annoo irratti adeemifamuu qaba. Waa'ee sirna Gadaa ofii amanee warra kaan amansiisuufi hojii dippilomaasii bal'inaan irratti hojjechuun barbaachisaadha. Namni biraan sirnicha amanee akka fudhatuuf dura sirnichaan jiraachuu qabna.

Faayidaasaa sirriitti hubannee warra kaaniif sirnaan ibsuutu nurra jiraata. Qorannoofi qo'annoowwan sirnicharratti adeemsifamanis sabootaafi sablammoota hubachiisuu qabna. Ayyaanni Irreechaas sabootaafi sablammoota biratti jaalatamaafi fudhatamummaa gaarii argachaa kan dhufe erga hawaasni waa'ee Irreechaarratti hubannoo gadifagoo akka qabaatu taasisamee booda.

Saboonniifi sablammoonni biyyattii waa'ee Irreechaarratti hubannoo gahaa akka qabaataniif barumsi karaa miidiyaa hawaasummaafi miidiyaa idilee bal'inaan kennamaa tureera. Erga waa'ee Irreechaarratti hubannoo gahaan argamee booda bal'inaan ayyaanicha Oromoo waliin kabajaafi kan ofii godhatanii kabajaa jiru.

Faayidaa sirnichi warra baratuuf qabus sirriitti baafnee barsiisuufi amansiisuu qabna. Eenyuyyuu faayidaa sirnichi qabu yoo hubate ofitti fudhachuuf hinrakkatu. Sirni Gadaa waa'ee jaalala, tokkummaa, obbolommaa, araaraa, dhiifamaa, waldanda'uu, naannawa eeguufi kunuunsuu, moggaasaa, guddifachaa labsa.

Namni duudhaalee Sirna Gadaa keessa jiran kunneen hinbarbaanne ammoo hinjiru. Erga saboonniifi sablammoonni waa'ee duudhaaleefi jaarriyaalee Sirna Gadaa keessa jiran hubatanii booda sirna barnootaa biyyattii keessa akka galu gochuun nidanda'ama.

Maxxansa Addaa

Sirna kabaja ayyaana Irreechaa waljalaa daran ho'aafi miidhagaa dhufe suuraadhaan



Ijoo Dubbii

Irreechi Irreecha milkii haa ta'u!

Har'i guyyaa ayyaana Irreecha Hora Finfinnee yoo ta'u, boru ammoo kan Hora Harsadee waan ta'eef ummanni Oromoofi saboonni biyyattii marti бага ittiin isin ga'e.

Oromoon ummata aadaafi duudhaa gabbataa, sirna bulchiinsaa Gadaa kalaqatee ittiin bulaafi walbulchaa ture, ummata falaasama hundagaleessa, madaala uumaafi uumamaa eegu diriirsee jiruufi jireenyasaa geggeessaa tureefi jiruudha.

Oromoon uumama kabaja. Oggaa ganni darbee birraan bari'u uumama qabatee malkaa bu'ee Uumaa galateeffata, irreeffata, bonni bahee arfaasaan seenu ammoo Tulluutti kadhata. Maree Hoo! Maree Hoo! jechuun Uumaaf galata galcha! Kennaa Uumaan kenneef deebisee kennuun dinqisiifata. Barri maree dhufe maree akka naanna'u abdiifi hawwii badhaadhinaaf qabus weedduudhaan ibsata.

Irreechi Malkaa waqtii birra kabajama. Kunis dukkanarraa gara ifaatti cehuu agarsiisa. Birraan waqtii midhaan daraaree asheetu, lagni guutee ture ittihir'atu, firriifi lammiin walirraa fagaatee ture ittiwalarguufi yeroo wantootni abdi dhala namaa haareessan baay'inaan ittimul'ataniidha. Yeroo birraan bari'u lafti jiidhaafi magariisa.

Oromoon kanaaf coqorsa jiidhaafi daraaraa qabatee malkaatti irreeffata. Coqorsi hiika guddaa qaba. Akaakuu margaa keessaa kan akka coqorsaa rakkoo dandamatuufi jabina qabu hinjiru. Kana malees, coqorsi akka mallattoo jireenyaatti ilaalama. Walumaagalatti Irreechi birra marga jiidhaan madda jiidhaatti irreeffatama jechuudha.

Karaa biraatiin Irreechi ayyaana galataa, araaraa, obbolummaa, jaalalaafi tokkummaati. Ayyaana Waaqaaf galata galchuutisi. Araarri dhala namaafi Uumaa akkasumas dhala namaa gidduutti akka bu'utu kadhata. Gaafa Irreechaa Oromoon afaan galataafi araaraa malee waan hamaa hindubbatu.

Irreechi akkuma Sirna Gadaa, gaaddisa waloo, Oromoon marti garaagarummaa tokko malee jalatti walgahuudha. Ibsituu caayaa tokkummaa Oromummaati, darbees asxaa obbolummaati. Irreechi guyyaa walargii qofa otoo hintaane kan eegumsa nagaa waloo itticimsaniidha.

Nagaan waloo tokkummaan cima. 'Maree Hoo! Maree Hoo!' jechuun weeddisuun afaan tokko dubbachuudha! Coqorsa jiidhaa qabachuun abdi tokko qabaachuu mul'isa! Malkaa tokkotti tokkummaan irreeffachuun mallattoo kaayyoo walfakkaatuufi egeree tokko qabaachuu agarsiisa. Kanaafuu, Oromoon miliyoonaan lakkaa'amu faayasaatiin miidhagee mul'ata; aadaafi duudhaasaa bareedaa addunyaatti beeksisuuf.

Biyya keenyatti ayyaanota guguddoo namoonni baay'inaan bahanii kabajan keessaa inni guddaan Irreecha. Irreechi ayyaana hawwattummaansaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufedha. Sadarkuma biyyaattuu yoo ilaalle Irreechi ayyaana sabaafi sablammoonni baay'inaan irratti argamaniifi hirmaatan, ayyaana hammattummaafi guddummaa ummata Oromoo agarsiisu ta'eera.

Irreechi ayyaana nagaafi araaraa, galataafi obbolummaa, tokkummaa Oromoo ijaaree itichaa jiru, aadaafi duudhaasaa addunyaatti beeksiseedha. Kun qabeenya hawaasummaa dilbii guddaadha. Madda turizimii guddaadhasi. Qabeenya kana qixa sirriin ittigargaaramnee naannoofi biyya keenya ittiin beeksisuu qabna.

Irreechi Hora Finfinneefi Hora Harsadee har'aafi boru (Fulbaana 26fi 27 bara 2016) mataduree, "Irreecha: Asxaa tokkummaafi obbolummaa" jedhuun kabajamu kan nagaa, araaraafi dhiifamaa akkasumas kan tokkummaafi obbolummaan daran ittidaaguu, akkasumas kan milkii haa ta'u.

Maxxansa Addaa



Ayyaanota akka Irreechaa biyya hundee cimaarratti ijaaruu keessatti

Bayyanaa Ibraahimiin

Duudhaalee Sirna Gadaa keessaa tokko kan ta'e Irreechi, uummanni Oromoo Waaqa kadhachuufi galatasaa galchuuf jecha tulluufi malkaatti ba'uun kan irreeffatuudha.

Oromoon Arfaasaa tulluutti ba'uun roobaafi nagaa kadhata, birra ammoo malkaa bu'uun galata galcha.

Tulluun waa malee lafa diriiraa hincaalle, darbees waaqatti kaluudha. Kanaaf yoo itti ba'anii kadhatan irruma caalaayyuu dhageettii waaqaa qaba jedha dhugeeffannaan Oromoo.

Malkaanis yeroo birra ni taliila. Kanaaf mallattoo qulqullinaati, bishaan yoo dhugan lubbuu namaaf ta'a, yoo dhiqatan nama qulqulleessa, yoo dadhaban hafuurisaa hamilee namaaf ta'a kan jedhus dhugeeffannaa ganamaa Oromooti.

Egaa saayinsiinis qaamni dhala namaa bishaan harka guddaa of keessaa qaba jedhama mitiiree?

Malkaafi tulluu- Irreecha Birraafi Irreecha Arfaasaa

Akka guutuu Oromiyaatti Irreechi waggaatti yeroo lama, arfaasaafi birra kabajamuun kan beekamu ta'us, irreeffannaan garuu jiruufi jireenya Oromoon adda ba'ee akka hinbeeknetu himama.

Yeroo rafaan, yeroo ka'an, yeroo manaa ba'an, yeroo galan, bakka qotiisaatti, bakka lolaatti, yeroo fuudhaafi heerumaafi taateewwan hundarratti irreeffannaan ni jira.

Irreechi akaakuuwwan afur kan qabu yemmuu ta'u, hunduu walitti fufee waliin marsaa akka adeemus kitaabilleen sirna Gadaarratti barreeffaman hedduun ni agarsiisu.

"Kan jalqabaa Irreecha manaati. Osoo Irreecha hindeemiin sirna manatti raawwatamuudha. Ittaanse Irreecha malkaa, kan birraa ji'a Fulbaanaa keessa malkaatti irreeffatamuudha.

Inni sadaffaan Irreecha dirree jedhama. Kunimmoo Irreecha birraatti aansuun kabajama. Kan ittaanu (afraffaan) Irreecha arfaasaa kabajamu, Irreecha Tulluuti. Kunimmoo kan uummanni Oromoo tulluutti ba'uun waaqasaa rooba kadhatuudha" jedhan.

Hayyuun seenaa Obbo Dirribii Damisee, ummanni Oromoo arfaasaa yeroo caamsaan hammaatu tulluutti ba'uun waaqasaa rooba kadhata jedhan.

Ganni roobee, kan faca'e margee dagaagee lalisee asheetee, lagni boora'ee guutee wayita birraa taliilu ammoo Malkaatti ba'ee galata galcha jedhan.

Haala Kanaan sirni irreeffannaa lameen walitti hidhatanii raawwatu jedhan hayyoonni kunneen.

Irreechi yoom irreeffatama

Irreechi Tulluu, arfaasaan fuula deeffatee torbee jalqabaarratti irreeffatama, kan malkaa ammoo birraan bari'ee torbee dhumaa ji'a Fulbaanaatti irreeffatama.

Irreechi waan waggaa eegee yeroo lama yookiin sadi irreeffatamu qofa miti jedhu Obbo Dirribiin.

Adda addummaansaa inni waggaatti yeroo lama irreeffatamu sirni guddaan qophaa'ee kan Oromoon iddoo mararraa walitti dhufuudha malee Oromoon waan raawwachuuf jedhu hundarratti waaqa ni kadhata, ni galateeffatas, ni irreeffata jechuudha jedhan.

Fakkeenyaaf namni yeroo qonnaaf lafa haaraa baafatu achitti dhibaafatee irreeffata. Kun Jaarii jedhamee beekama. Yaa waaqayyo dachee qonnaa kana naaf milkeessi jedhee

Gara fuula 21tti



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeesaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

 **Ethiopian Press Agency**

Maxxansa Addaa

“Akkuma Afrikaattuu ayyaanni ...

Sirni Gadaa hamba kiliyaa ta'ee galmaa'ee qabeenya Oromoof biyyaa ta'uurra darbee kan addunyaa ta'era.

Bariisaa: Ayyaanni Irreechaa Oromoodhaaf maaliidha? Saboonniif sablammoonni biroonis ayyaanicha akkamitti hubachuu qabu?

Obbo Geetaachoo: Ani Irreecha bifa lamaan (amantiifi aadaatiinan) ilaala; qorattooni biroonis akkasuma. Irreecha gama amantiitiin yoo ilaalle, guyyaa itti Oromoon Waaqa samiifi dachee uume, rooba roobseefii midhaaniifi marga magarse, Waaqa bacaqii gannaa keessaa gara boooqaa birraatti isa ceesise ittigalateeffatuufi kadhatu akkasumas guyyaa itti waleebbisuudha.

Irreecha gama aadaatiin yoo ilaalle ammoo Oromoon guyyaa Irreechaa uffannaafi faayaawwan aadaatiin miidhagee tokkummaan ayyaanicharratti hirmaata. Ayyaanicharratti ni sirbita, ni ragadda, jaalala waliif ibsita, qeerroofi qarreen ayyaanicharratti walilaallatu. Isaan kunneen Irreechi aadaas of keessaa kan qabu ta'uu agarsiisu. Irreechi irree keenya, tokkummaa keenya. Oromoon Irreecha keessatti jaalala, dhiifama, araaraafi nagaa, ilaala. Irreechi calaqqee ykn ibsituu eenyummaa Oromooti.

Akkuma Sirni Gadaa 'UNESCO' irratti galmaa'ee Ayyaana Irreechaa 'UNESCO'tti galmeessisuuf sochiin taasifamaa jira. Ayyaanichi hamba kiliyaa ta'ee akka galmaa'uuf duudhaalee ayyaanicha keessa jiran sabootaafi sablamoota biyyaatiifi ummata addunyaaf ibsuun barbaachisaadha.

Irreechi nagaa, jaalala, tokkummaa, dhiifama, araaraafi obbolummaa ta'usaa ibsuufii qabna. Duudhaalee irreecha keessa jiran irratti qorannoofi qo'annoo gara garaa adeemsisuudhaan waltajjiwwan gara garaarratti ummata addunyaaf ibsuu qabna. Ummanni addunyaa ragaa qabatamaarratti hundaa'uun duudhaalee Irreecha keessa jiran erga hubatee booda amanee fudhachuu danda'a.

Sirna Gadaa keessatti Irreechi jaarmiyaa mataasaa danda'eeffii duudhaalee hedduu of keessaa qabu kun hamba kiliyaa addunyaa ta'ee akka galmaa'uuf hayyoonni qorannoofi qo'annoo walirraa hincinne adeemsisuufi ummataaf ibsuu qabu. Ummanni Oromoo ammoo duudhaalee Irreecha keessa jiran sirriitti eegu, kabajuufi ittiin jiraachuu qaba.

Guyyaa Ayyaana Irreechaa ammoo nagaafi jaalala labsuu, wajjin nyaachuufi wajjin dhuguun obbolummaa calaqqisiisuu qabna. Guyyaa Ayyaana Irreechaa qorattoota baay'etu dhufee haala ayyaanichi ittiin kabajamu ilaalu, waa'ee Irreechaa kan afaaniin itti himameefi barreeffamoota adda addaarraa dubbisan qabatamaan ayyaanicharratti kan mul'atu ta'uufi dhiisuusaas ni qoratu. Kanaafuu Ayyaana Irreechaa of eeggannaafi duudhaasaa eegnee kabajuu qabna.

Bariisaa: Irreecha ayyaanota addababa'iitti kabajaman kaanirraa maaltu adda taasisa?

Obbo Geetaachoo: Irreechi ayyaana guddaa ummanni miliyoona afurii ol waltajjii tokkoratti walargee waliin kabajuudha. Namni hangana baay'atu ayyaanicha bakka tokkotti kabajuun ajaa'iba, ayyaanicha nagaan kabajee mana manasaatti deebi'uun



ammoo ajaa'iba biraati.

Kunis Irreechi ayyaana nagaa, jaalala, tokkummaafi obbolummaa ta'uu kan agarsiisuudha. Miidiyaan biyya keessaafi alaa hedduun sirna kabaja Irreecharratti argamanii waan gabaasaniif ummanni addunyaan ayyaanicharraa waan guddaa barachuu danda'a. Irreechi jaalalli, obbolummaafi tokkummaan keenya cimuu, aadaa keenya guddisuufi beeksisuu keessattis qooda olaanaa qaba.

Irreechi guyyaa cidha Oromoo isa guddicha. Oromoon guyyaa cidhasaa kanatti gammachuusaa guutamaa taasisuuf nageenya ayyaanichaa waliin eegu qaba. Kan walitti bu'e yoo jiraate utuu gara Irreechaa hindhaqin dura walitti araamee ayyaanicha waliin yoo kabaje Waaqnis laftis ni jaalata; duudhaan ayyaanichaas kanuma barsiisa. Ayyaanni Irreechaa ayyaana addababa'ii guddaa Oromoo boonsuufi tokkummaa, aadaafi obbolummaasaa cimsuufi beeksisuudha.

Bariisaa: Jijjiiramni haala kabaja ayyaana Irreecharratti mul'achaa jiru akkamitti ibsama?

Obbo Geetaachoo: Jijjiiramniifi fooyya'iinsi kabaja Ayyaana Irreecharratti mul'achuu kan jalqabe erga Sirni mootummaa ADWUI aangoo qabatee (bara 1983) booda. Yeroo eeramee as waa'een Irreechaa kan sirnoota darbaniirra wayya jechuudha malee Oromoon ayyaanicha akka barbaadetti bahee kabajaa ture jechuu miti.

Mootummaa jijjiiramaa kana dura Irreecharratti lubbuun namoota hedduu darbuunis ni yaadanna. Sirnoota darban Irreechi Hora Finfinnee kabajamaa hinturre. Irreechi Hora Finfinnee kabajamuu kan jalqabe mootummaa jijjiiramaa kana keessa. Kun jijjiirama guddaadha.

Ummanni Oromoo mootummaa jijjiiramaa booda Ayyaana Irreechaa akka barbaadetti kabajaa jira. Irreecharratti jijjiiramniifi fooyya'iinsi guddaan mul'achaa jira; kun caalaatti cimtee akka ittifufuuf ammoo sirriitti irratti hojjechuu qabna. Duudhaalesaa eegnee kabajuun Oromoof kabajaa guddaa kenna.

Bariisaa: Faayidaa Ayyaanni Irreechaa gama dinagdeetiin qabu hoo akkamitti ibsama?

Obbo Geetaachoo: Namoonni miliyoona afurii ol Irreechaa kabajuuf bakka tokkotti

yoo argamu, waan nyaatuufi dhugu baatee hindhufu; biteeti kan fayyadamu. Geejjiba, uffannaafi faayawwan aadaas ayyaanicharratti bal'inaan bitatee fayyadama. Turistoonni biyyoota gara garaatii dhufanii ayyaanicharratti hirmaatanis maallaqa guddaa dhangalaasu.

Ayyaanni Irreechaa madda galii guddaa ta'ee kana caalaatti dinagdee biyyaa akka utubuuf namoonni bizinasii bal'inaan irratti hojjechuu qabu. Ayyaanicha sabababeeffachuun geejjiba, nyaataafi dhugaatii akkasumas wantoota hirmaattonni ayyaanichaa fayyadamaniifi barbaadanirratti gatii dabaluu garuu sirrii miti. Sirumayyuu kan ta'uu qabu baay'inarraa waan argataniif gatii duraaniirraa gadi buusuudha. Gatii duraaniirraa dabaluu aadmaleedha.

Wantoonni gara garaa Irreecharratti dhiyaachuufi gurguramuu qaban ammayyuu ni hafu. Wantoonni aadaa keenya ittiin calaqqisiifnu hedduun ayyaanicharratti bal'inaan dhiyaachuu qabu. Meeshaaleen aadaa godinaaleerra jiran utuu dhiyaatanii gaariidha.

Turistoonni biyya alaa ta'ee namoonni biyya keessaa ayyaanicharratti hirmaatan yaadannoof jecha wantoota dhiyaatan ni bitu turan. Kun meeshaalee aadaa Oromoo beeksisuufi madda galii Ayyaana Irreecharraa argamu guddisuu keessattis gahee guddaa qabaata.

Ayyaana Irreechaa caalaatti madda galii gochuuf gara fuulduraatti konsartoota guguddaa qopheessuufi waan haaraa kalaqanii dhiyeessuun barbaachisaadha. Dizaayiniin uffanna aadaas utuu sona aadaasaa gad hinlakkisin fooyya'ee ykn ammayyaa'ee dhiyaachuu qaba. Namoonni hojii bizinasiiif kalaqarratti bobba'an asirratti bal'inaan hirmaachuu qabu.

Bariisaa: Jiraattonni Magaalaa Finfinneefi Bishooftuu namoota ayyaanicharratti hirmaatan akkamitti keessummeessuu qabu?

Obbo Geetaachoo: Irreecha Hora Finfinnee, iddoo Doolooloo Buddeenaa jedhamutti, kan Bishooftuu ammoo Hora Harsadiitti kabajama. Magaalonna lameen waggaa waggaa warra cidhaati. Tuuristoota biyya alaa dabalatee namoonni Ayyaana Irreecharratti hirmaatan jala bultiirraa qabani magaalota lamaanirratti walargu.

Jiraattonni Finfinnee Ayyaana Irreechaa akka eebba tokkootti fudhachuu qabu. Namoonni ayyaanicharratti hirmaatan hundi waan nyaataniifi dhugan dabalatee kanneen biroo qarshiidhaan bitatanii fayyadamu waan ta'eef kun magaalattiif madda galii guddaadha. Kanaafuu jiraattonni magaalatti keessumoota (hirmaattota ayyaanichaa) fuula ifaadhaan simachuu qabu. Kun ammoo hariiroo, obbolummaa, tokkummaafi waldanda'uu keenya cimsa.

Ayyaanicha sababeeffachuun wantoota gurguranirratti gatii dabaluu garuu keessumoota mufachiisuu waan danda'uuf gocha kanarraa of qusachuun barbaachisaadha. Irreechi ayyaana eebbaati. Namoonni ayyaanicharratti hirmaatanis waleebbisuufi jaalala walitti agarsiisuuf deemu waan ta'eef isaan mufachiisuurraa of qusachuun barbaachisaadha.

Namoonni ayyaanicharratti tajaajiloota adda adda kennaniifi wantoota gara garaa dhiyeessan Irreechaa sababa godhatanii gatii duraaniirraa dumbulloo tokkollee dabaluurraa of qusachuu qabu.

Keessumaa jiraattonni Magaalaa Finfinneefi Bishooftuu balbalasaanii bananii keessumootasaanii "Baga Nagaan Dhufan" jedhanii simachuu qabu. Yoo danda'ame ammoo nyaataafi bishaan dhiyeessuufin obbolummaa keessumootasaanii waliin qaban cimsuu qabu.

Kun hariiroo keessumaa jiraattonni magalaa Finfinnee ummata Oromiyaa waliin qaban caalaatti akka cimuu taasisa. Simannaa ho'aan duudhaa Oromoo bu'uura godhachuun Finfinneetti keessumootaaf taasifamu Magaalaa Bishooftuutti caalaatti calaqqisee mul'achuu qaba. Yoo kana ta'e Uumaan, uumanniifi ummanni waldhaga'a.

Oromoon Ayyaana Irreechaa sabootaafi sablamoota gara garaa waliin kabajaa jira. Dhaloonni damee Kuush ayyaana kana Oromoo waliin kabajaa jira. Turistoonni biyyoota gara garaas ayyaanicharratti bal'inaan hirmaachaa waan jiraniif hirmaattota hunda akka aadaafii duudhaa Oromootti keessummeessuun barbaachisaadha.

Tuuristootaafi sabaafi sablamoota ayyaanicharratti hirmaachuuf dhufaniif dursa kennuu, jaalala itti agarsiisuun sirriitti keessummeessuun barbaachisaadha. Namoonni waa'ee ayyaanichaa sirriitti beekan warra hinbeekne hubachiisuu qabu.

Kun karaa nama dhuunfaafi Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin ta'uu danda'a. Turistoonni ayyaanicharratti hirmaatan waa'ee ayyaanichaa 'Ajandaasaaniirra' qabatan galanii waan barreessaniif ykn warra kaanitti waan himaniif dogoggora tokko malee ibsuufiin barbaachisaadha.

Irreecha duudhaafi safuusaa eegnee kabajuudhaan madda nagaa, araaraa, obbolummaafi tokkummaa ta'usaa mirkaneessuu qabna. Saboonniifi sablammoonni biyyattii ayyaanicha Oromoo waliin Ayyaana Irreechaa kabajaa jiru. Ayyaanicha waliin kabajuun obbolummaafi hariiroo Oromoon sabootaafi sablamootaa biroo waliin qabu caalaatti cimsa. Irreecha duudhaafi safuusaa eegnee kabajuun ammoo eenyummaafi Oromummaa keenya ibsa.

Akka Itoophiyaattis ta'e Afrikaatti ayyaanota addababa'ii ummanni miliyoona afurii ol waltajjii tokkoratti waliin kabaju Irreecha qofa. Irreechi ayyaana guddaa Oromoon Uumaasaa itti galateeffatu, kadhatuufi ittiwaleebbisuudha. Irreechi ayyaana guddaa duudhaalee amantiifi aadaa of keessaa qabuudha.

Bariisaa: Dhumarratti yaada hinkaane jettan ykn ergaa yoo qabaattan?

Obbo Geetaachoo: Hundumtuu Ayyaana Irreechaa miira jaalalaa, nagaa, gammachuufi obbolummaatiin kabajuu qaba. Duudhaalee ayyaanichaa eeguudhaan kabajuun hariiroo obbolummaafi tokkummaa keenyaa caalaatti cimsachuu qabna. Tuuristootaafi sabaafi sablamoota ayyaanicharratti nu waliin hirmaatanis jaalalaan simachuufi waliin kabajuu qabna. Gadaan quufaafi gabbina. *Horaa bulaa! Deebanaa!*

Maxxansa Addaa

“Waa’ee dhugeeffannaa Oromoofi Jaarmiyaalee sirna Gadaa qoradheera”

Charinnat Hundeessaatiin

Lookoo Duubaa (PhD) maqaa Oromoon moggaaseef yoo ta’u, maqaan maatiinshii baaseef ammoo Chikaagee Oba-Simitid kan jedhamuudha. Gosti hayyuun tun himattu Booranaa keessaa Maliyyuudha.

Dhalattuu Jaappaaniif waggoota 18 Itoophiyaa keessa kan jiraatte Doktor Lookoon, ganna saddeetiif Booranatti dedebi’aafi achuma jiraachaa aadaafi seenaa barattee, qorattee, barreessite. Boorana fiixeerraa kaastee hanga baddaa gammoojjii Arsii, Raayyaa...keessa deemtee seenaa qorachaa jirti.

Digriin doktareetiishii barnoota antiropolojii (saayinsii waa’ee aadaa qoratu) kan baratte Lookoon, erga aadaafi seenaa Oromoo barachuu jalqabdee bubbulteetti. Waltajjiilee adda addaarratti waan qorattee irra geesse bal’inaan ibsuunis beekanti.

Utuma seenaa Oromoo Arsii qorattuu faana dhooftuu Raayyaa geesse. Warri Raayyaa Arsii dhufne ofiin jedha jetti Lookoon. Abbaasaanii hanga abba 12 gaafattee



seenaasaanii qoratti.

Seenaa Oromoo maaliif akkanatti baratta ykn qoratta jedhamtee gaafatamnaa,

- Lookoo Duubaa (PhD)

“Warri kun warra seenaa guddaa qabu, bara qubeen hinjirretti warra seenaa afaaniin dubbatee mataa keessatti qabatee tartiiba qabsiisee seenessu waan ta’eefi” jetti.

Gaafa Boorana jirtu akkuma warra baadiyyaa bishaan waraabdee, qoraan cabsitee haala jireenyaa hawaasichaa baratte. Haroo bishaan dhaqxellee ni waraabdi, “Haroo Kinniisoo, Eela Gaayoofaa waraabbachaa turre” jechuun ibsiti.

Tapha ykn sirba yeroo qoraan cabsaa, bishaan waraabaa turte yaadattaa jennaaniin kan, “sorooroon aayyaa sorooroo” jedhamu akka beektu eerte.

Doktar Lookoon kitaaba seenaas barreessiteetti. Nama aadaa barachuu fedhuuf maal dhaamta jedhamtees, “Dargaggoonni aadaa yoo bade lammata deebisuun hindanda’amne jabeessanii jaarsoliirraa akka barataniifi qoratan dhaamti. Doktor Lookoon dhaloonniifi lammiinsaanii biyya Jaappaan ta’us, jaalala Oromoof qabdurraa ka’uun Boorantittii taatee haftteetti.

Qorannoo Oromoo hedduminaan gochuun
Gara fuula 18tti

Irreecha: Feestivaala guddicha Afrikaa

Charinnat Hundeessaatiin

Irreechi Hora Finfinneefi Harsadii Fulbaana 26fi 27 bara 2016 sirna ho’aadhaan kabajamuuf qophiileen adda addaa iddoowwan gara garaatti taasifamaati kan ture.

Nutis Qophii Godina Shawaa Kibba Lixaatti taasifame ilaalchisuun Ittigaafatamaa Waajjira Aadaafi Turizimii Godinichaa Obbo Fakkansaa Gammachuu dubbisnee, yaada ittaanu nuu kennaniiru.

Irreechi Jaarmiyaalee sirna Gadaa keessaa isa tokkoofi duudhaa xabboo Oromoon kaleessa qabuun ijaarameedha. Sirna Gadaafi Afaan Oromoo dabalatee waantota tokkummaa Oromoo ibsan keessaa tokko Irreecha. Oromoon kaleessas duudhaa ayyaanichaa eegee kabajaa tureera.

Irreecha jechuun nagaadha, gammachuudha, obbolommaadha. Waggoota muraasaa as garuu ayyaanicha dhimma siyaasaa seeraan ala irratti calaqqisiisuun rakkoolleen adda addaa akka mudatan taasifamaa tureera. Dur akka ammaa dirreen mariifi yaadni irratti ibsamu akkasumas hoggansa siyaasaa ykn mootummaarraa qaamni mariisus hinturre.

Bara Oromoon dhiibbaa jala turetti



Obbo Fakkansaa Gammachuu

**Waltajjii duudhaan,
obbolummaan, tokkummaafi
aadaan Oromoofi saboota kaanii
irratti beeksifamu kun karaa
duudhaa, oodaafi safuusaa
eeggateen qofa adeemsifamuu
qaba**



Hirmaattota ayyaanichaa keessaa

bakkicha waltajjii siyaasaa godhatanii qabsaa’uun cubbuu hinqabu. Sanaa as garuu aadaa ofii karaa sirnichi barbaaduun kabajachuun tasumaa yaaddoo ta’uu hinqabu.

Waltajjii duudhaan, obbolommaan, tokkummaafi aadaan Oromoofi saboota kaanii irratti beeksifamu kun karaa duudhaa, oodaafi safuusaa eeggateen qofa

adeemsifamuu qaba.

Irreechi festivaala guddaa sabootaafi sablammootaas waan ta’eef hundaa ol karaa nageenyisaa eegameen, yaadama Oromummaa ganamaarra dhaabatamee kabajamuu qaba.

Akka godina keenyaatti qaamolee

Gara fuula 19tti

Maxxansa Addaa

Irreechaafi mana nyaata aadaa Oromoo Finfinneetti

Saamraawit Girmaatiin

Tibba Irreechaa kanatti manneen nyaataa aadaa keessumootaasani simatanii keessumeessuutti daran ko'ommatu. Keessumaa Ayyaana Irreechaa guddicha har'a Finfinneetti, bor ammoo Bishooftuutti kabajamurratti manneen nyaataa aadaa Oromoo isa yeroo kaanii caalaa hojiin itti baay'ata.

Manneen nyaataa Finfinneefi Bishooftuutti argaman keessaas Manni Nyaataa Aadaa Oromoo Cororsaafi Addooyyee Cororsaa isa tokko. Manni nyaataa kun waggoota kurnan darbaaniif magaalota lamaan kanneenitti nyaata aadaa dhiheessaafi beeksisaa tureera. Nutis ayyaana Irreechaa sababeeffchuun haadha qabeenyaa mana nyaatichaa Aade Shawaanash Yamaanah Cawwaaqaa dubbisneerra.

Aade Shawaanash dhalatanii kan guddatan Godina Wallagga Lixaa, Aanaa Gidaamiitti yoo ta'u, barnoota sadarkaa tokkoffaa hanga kutaa ja'ffaatti bakkuma dhalootaasaniitti erga baratani booda gara Finfinneetti dhufuun barnootasani sadarkaa 2ffaa xumuran. Akkuma barnootasani xumuraniin bultii kan dhaabbatan yoo ta'u, cinaattis akaakuu barnootaa Narsiingii baratani fixuun waggoota muraasaaf ittiin hojjetaniiru.

Boodarra garuu waggoota 13 dura hojii mataasani banachuu waan barbaadaniif kutaa xiqqoo kireeffatanii hojii buna jabanaa Finfinnee, naannawa Gullallee, bakka addaa Fiinaansii jedhamutti eegalan. Isas

yeroo muraasa erga hojjetanii booda biratti caccabsaa dhiheessuu eegalan.

Suutuma suutaan cororsaafi nyaatawwan aadaa biroo hojjechuu jalqaban. Iddoon isaan dura kireeffatanii itti hojjetanis isaanitti dhiphachaa dhufuusaatiin mooraadhuma cinaasani jirutti darbaani kireeffatanii hojiisaanii caalaatti babal'isanii Mana Nyaata Aadaa Oromoo Cororsaa jechuun itti moggaasuun hojiisaanii babal'isuusaaniiti kan nuu ibsan.

Akka isaan jedhanitti, jalqaba gaafa hojii eegalan waanuma ofiisaanii hojjechuuf ta'us boodarra fedhiin aadaa Oromoo Finfinneetti beeksisuu waan keessasani buleef nyaatawwan aadaa maatiidhumarraa baran hojjechuun aadaa beeksisuurratti gaheesani ba'achuuf hojichatti seenan.

Hojiin nyaata aadaa maatii jalatti yommuu ilaalan waan akka salphaatti ilaalamu ta'us namoota hedduu kan fayyadu waan ta'eef babal'isanii hojjechuu akka qabaniifi naannawa jiranittillee barsiisuu akka qaban murteessan.

“Yeroo sanatti Finfinneetti hojii akkanaa hojjechuuf murteessuun ulfaataa ture. Sababnisaa Finfinnee keessatti afaan, aadaafi eenyummaan daran irraanfataamee tureera. Kunimmoo keessakootti aariifi xiqqii uumaa ture. Kanas keessakootti Waaqumatu fide jedheen amana. Hojii xiqqoo eegaleen hamma humnakoo akkan gumaachuuf keessakootti kun uumame jedheen yaada” jedhu.

Hojiin kunis kan nama tokko qofaan hojjetamu osoo hintaane deggarsa namootaafi qaamolee



Aade Shawaanash Yamaanah

addaddaa kan barbaadu ta'uu kaasani, kanarratti hiriyaansani Aade Abbabach Ambaawu jedhaman baay'ee isaan gargaaru himu. Aade Abbabach Buraayyuutti, isaan

immoo Finfinneetti hojicha waldegaraniifi waliin mari'atanii hojjechaa akka turan kaasu.

Eeyyama hojiis akka nama dhuunfaatti

Gara fuula 19tti

Suurri Gabaaboo Gabreetiin

Irreecharratti yaada abbaa Gadaafi hayyuu seenaa

Saamraawit Girmaatiin

Ayyaana Irreechaa har'aafi boru Finfinneefi Bishooftuutti kabajamu sababeeffachuun haala kabajasaa duraafi ammaa akkasumas dhimmoota isaan walqabatan biroorratti Abbaa Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaafi hayyuu seenaafi Pirezidaantii Waldaa Maccaafi Tuulamaa Obbo Dirribii Damusee dubbisneerra.

Abbaa Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaa

Hunda dura ummata maraan бага Ayyaana Irreechaa Hora Finfinneefi Hora Harsadee kan bara 2016 nagaan isin gahe jechuun barbaada. Baga ganna gurraacha baatanii booqaa birraa geessan. Ayyaanichi kan jaalalaa, obbolommaafi tokkummaa, kan namni keenya waan hawwe itti argatu, kan karoorfate itti milkaa'u, irreecha milkaa'inaan kabajannee seenaan keenya addunyaatti itti beekamu akka ta'uun hawwa.

Irreechi Oromoodhaaf ayyaana guddaadha. Ayyaana duudhaafi safuu qeerroofi qarreen keenya, abbootiin Gadaa, haadhooliin Siinqee, foolleefi ummanni Oromoo qoodinsa tokko malee, akkasumas, guyyaa saboonni sablammoonni biyyattii duudhaafi safuu keenya eeguun, marga jiidhaafi daraaraa qabatanii akka kabajaniif waamichan taasisa.

Bakki Irreessaa bakka qoodinsa amantiifi



Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa

siyaasaa tokko malee bakka eenyummaa ofii gamtaadhaan itti agarsiisan waan ta'eef, duudhaa kana tiksinee Afrikaaf darbees addunyaaf gumaachuu kan dandeenyu, yoo duudhaafi safuusaa ganamaa eegnee irreeffanneedha. Irreechi duudhaa, safuu, abbaa eebbaa, abbaa kennaa, abbaa irreeffatu qaba.

Kanas sirriitti eeguun nagaan kabajachuu, duudhaa abbootiisaaniirraa dhaalanis



Obbo Dirribii Damusee

dhalootatti dabarsuuf hundaa ol qeerroofi qarreen Oromoo naamusa barbaachisu eeguufi eegsisuun halkanii guyyaa hojjechuu qabu. Waan abbootiin Gadaa, Abbaan Malkaa, Hayyuun, jaarsoliifi hangafooni jedhan eeguun duudhaa obbolommaa, jaalalaafi tokkummaa ayyaanichaa faayaafi uffannaa aadaatiin miidhagsanii kabajuu qabu.

Malkaa jechuun, hora jechuun qulqulluu jechuudha. Bakka itti dogoggora ofiifillee

Waaqa dhiifama ittigaafataniidha. Bakka kanneen waldehaban itti araaramaniidha. Ummanni Oromoo oggaa gara malkaa dhufu duudhaafi safuu irreessaatiin tahuu qaba. Hunduu mana dhuunfaasaarraa ka'ee hanga irreeffate deebi'ee galutti nagaan dhaqanii akka deebi'an, akkasumas kan ofiirra darbee nagaan waloosaanii akka eegan dhaama.

Irreessi yeroo ammaa kana eenyummaa Oromoo bira darbee madda qabeenya horachuu, madda turizimii, karaa eenyummaa ofii Afrikaatti agarsiisan, obbolommaa ittiin cimsan, tokkummaa itti ijaaran ta'eera. Yeroo ummanni miliyoonotaan lakkaa'amu otoo waa hinballeessii akka nama tokkootti haalota addaddaan eenyummaasaa ibsachuun Waaqa kan ittigalateeffatuudha. Baay'inni nama kabajuu yeroodhaa gara yerootti dabalaa, miidhaginniifi hawwattummaansaa dabalaa, sabbootonni hedduun itti horatamaa kabajamaa jira.

Gaaffiin ummata Oromoo jaarraa tokkoofi walakkaaf tures deebi'ee Oromoon magaalaasaa guddittiratti ayyaana kana bifa ho'aa ta'een kabajachuun bu'aa qabsoo olaanaa dhufe waan ta'eef bakka olaanaa kan qabuudha. Biyya keenyarra darbee nageenya addunyaafillee bu'aa olaanaa buusaa jira.

Obbo Dirribii Damusee Bokkuu (Pirezidaantii Waldaa Maccaafi Tuulamaa)

Gara fuula 21 tti

Maxxansa Addaa

Qeerrummaafi Qarrummaan; faaya biyyaatti simboo horuudha

Waasihun Takileetiin

“Dargagggeessaa hammam geessaa suman jaallee biyya keessaa” jedhamee weellifameera. Dargaggummaan umrii abdiin jireenyaa itti horatamu, egereen biyyaa itti wabii qabaatuufi bultii ijaarratanii qabsoo jireenyaa itti jalqabamu waan ta’eef yeroo kabajamaadha.

Birraan yoo barihu, dacheetu abaaboo addaatiin uwwifama, malkaatu hir’ata, dacheefi uumamni isheerra jirus akka jabbii olii gadi buburraaqanii gammachuusaanii ibsatu. Firri ji’ootaaf guutiinsa bishaaniin walirraa fagaatee ture walitti dhufuun бага bacaqii gannaarraa booqaa birraatti baatan jedhee waleebbisa.

Erga guca (xomboora) qabsiifatee golaafi balbalaa tuttumachaa barii birraa simatee booda galateeffannaa Malkaaf of qopheessa.

Sirni galateeffannaa (Irreechi) waggaatti yeroo lama kan gaggeeffamu yoo ta’u, isaanis Irreecha Malkaafi Irreecha Tulluuti. Walduraa duubasaanii eeggatanii Abbaa Malkaatiin saaqamanii abbootii Gadaatiin durfamaa qeerroofi qarreedhaan leellifamaa, faarfamaa dhiichisaan dachee raasu.

Wayita ayyaanni Irreechaa gahutti dargaggoonni uffata aadaa gara garaa hodhisii fachuun, faaya aadaa bitachuufi walleewwan aadaa waljalaa qabaa sirna galateeffannaa kanaaf of qopheessu.

Ayyanni kun dargaggoota keessumaa qeerroofi qarree biratti iddoo guddaa kan qabu yoo ta’u, miidhaganii bareedanii simboo umrii dargaggummaan dachee uwwisanii dhiichisaa gaafa rambaa rambaa godhan dacheetti simboo horu.

Kanarraa kan ka’e umriin dargaggummaa mataansaa simboo fooliinsaa urgaa’u miidhaginnisaa qalbi nama hawwatu, biyyi dargaggoota egereesheef wabii ta’an kan qabdu ta’uu calaqqisiisu.

Egziibishiniifi Baazaarii Irreechaa Giddugala Aadaa Oromooti tibbana qophaa’erratti dargaggoonni faayawwan aadaa gara garaa, uffata aadaa gurgurtaaf kan dhiyeessan yoo ta’u, sochichi qeerroofi qarreen aadaa, duudhaa eenyummaafi afoolasaa qabatee akka guddatu egereefis akka olkaa’u imaanaa kan itti kennuudha jetti Shamarree Masarat Mitikkuu.

Shamarree Masarat jiraattuu Magaalaa Finfinnee yoo taatu, daldala faayawwan gara garaa kanneen akka qubeelaa, faaya mormaa kan uffataa, kan addaafi kanneen biroo gabaaf dhiyeessiteetti.

Akka ibsasheetti faayi gurgurtaaf qophaah’an kunniin agarsiistuu Oromummaa ga’umsaafi qaroomina ilmaan Kuush kan agarsiisan yoo ta’u, simboo dargaggummaa waliin gaafa walitti dhufan ayyaanichaaf miidhagina addaa kennu.

Umriin dargaggummaa yeroo miidhaganii bahan dhiichisanii weellisuun dachee rambaa rambaa godhan akkuma qalbi nama hawwatu aadaafi duudhaa abbootiisaaniirraa dhaalan gammachuun fudhatanii labata ittaanuuf dabarsuuf yeroo ittihojjetan waan ta’eef yeroo murteessaa ta’uu kaasti.

Mindaa hojii gurgurtaa faaya aadaa kanarraa argatturra kan ishee gammachiisu

umrii qarrummaan waan hojjetamee dhaloota ittaanuuf ol ta’uu malu hojjechuun akka isheetti toluudha kan kaastu. Gaafa dargaggoonni simboo biyyaati jedhamnu aadaafi duudhaa nutti kenname haalaan qabachuu, kabajuufi ta’anii agarsiisuu waan ta’eef umrii murteessaadha.

Umriin dargaggummaa kun yoo haalaan tikfamuu baate dhaloota egeree biyyaaf wabii ta’uu danda’u dhabuu dandeenya jettee; haa ta’uutii qeerroofi qarreen Oromoo duudhaaleesaanii ganamaa kan akka Shinooyyee Irreechaafi kanneen biroo karaa eenyummaasaanii agarsiisuun calaqqisiisuusaanii abdi namatti kan horuudha.

Ittigaafatamummaan dargaggootarra jiru olaanaadha kan jette shamarreen tun naamusni, ittigaafatamummaan Oromummaa tokko tokkoo qarreefi qeerroo olaanaa ta’uu kaasti.

Irreechi aadaadha, duudhaa, sirnaafi akkaataa qaba, duraa duuba qaba, haala uffannaafi kabaja qaba. Kanneen mara jala bu’anii qorachuun dirqama dhaloota umrii dargaggummaarra jiruu waan ta’eef dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuudha jetti.

Dargaggummaan kan qabani gadihiisan nama wallaachisuu danda’a. Waan hundii kan nama gargaaru nutti fakkaachuu danda’a. Kanaaf gammachuu ibsannu keessatti gorsa hayyootaatiin deeggaramaa deemuun barbaachisaadha.

Dargaggummaan faaya biyyaa ta’uu kan danda’u, ilaafi ilaameen yoo jiraate uffannee faayawwan garagaraatiin miidhagnee deemuun keenya naamusa Oromummaan yoo dabalame fooliinsaa urgaa’a. Kaaniifis fakkeenya taana kan jettu shamarreen tun, Irreechi dhimma amantii, laga, sanyiiif eenyummaan kan qoodamu osoo hintaane agarsiistuu gammachuu qaroomina Oromummaafi mallattoo tokkummaa ta’ee kan tajaajiluudha.

Irreechi mallattoo jaalalaati kan jedhamuufis biyya keessaafi alatti kabajama, sabaafi saablammiileen Itoophiyaa lammiileen biyya biroollee irratti argamuun gammachuun Oromootaa gammachuu keenyadha ilaalcha jedhuun waggaa waggaa hirmaatu.

Miirri jaalalaa sabaafi sablammiileen Irreecharratti nu waliin hirmaachuun agarsiisan kun kabaja keenyaafi tokkummaa waloo kan cimsu waan ta’eef qeerroofi qarreen Oromoo keessumootasaa kabajee simatee ka’ee teessisee gammachiisee gaggeessuu qaba.

Irreechi siyaasa kamirraayyuu bilisa ta’ee hunda kan hirmaachisu yoo ta’u, asxaa Abbaa Gadaatiin miidhagnee dacheetti simboo horree addunyaa gara keenya ilaalu hawwachuun dirqama keenya jetteetti.

Dargaggoonni nagaan taanaan biyyi nagaadha, nimiidhagdi simboo qabeettii taati. Yoo kan waldhaga’u hinjiraanne garuu qe’ee abbaa hinqabne taatee babbaddi. Kanaaf qe’ee keenyatti miidhagnee ollaakeenyas simannee kaanee teessisuun dirqama qeerroofi qarree Oromoo ta’uu mala jechuunis ibsiti.

Shamarree Yoodiit Ayyalaas uffata aadaafi faashinii Oromoo akaakuuwwan gara



Shamarree Masarat Mitikkuu



Suurri Gababoo Gabreetiin

Shamarree Yoodiit Ayyalaa

garaa gabaaf dhiyeessiteetti, uffanni kun Qeerroofi Qarree Oromoo biratti daran kan barbaadamu ta’uu eertee, keessumaa sirnootaafi ayyaanota akka Irreecharratti gabaa guddaa qabaachuu dubbatti. Indastirii faashinii Oromoo guddisuuf sochiin gamasheetiin jalqabame dargaggoota birootiif fakkeenya ta’uus nihimti.

Erga Yunivarsiitii Gondarirraa Ikkonomiksiidhaan eebbifamtee booda umrii dargaggummaa miidhagaa kanatti olii gadi fiigdee dinagdeen of cimsuuf daldala uffata aadaa Oromoo jalqabuu dandeesseetti. Hojichi carraa hojii uummachuu caalaa umrii biyya ofiif hojjechuu qabdutti uffata aadaafi faashinii Oromoo gabaaf dhiyeessuun dandeeitti uffata dhahuurratti Oromoon qabus beeksisuu ta’ee tajaajila.

Hojiin ijaarsa biyyaa yoo dargaggootaan deeggarama jijjiirama guddaa akkuma fidu aadaan, duudhaan, guddinni faashiniifi uffata aadaa Oromoo simboo dargaggummaatti yoo ida’ame foolii biyyaa urgeessa qalbi nama hawwata jetti.

Dhaloonni ammaa keessumata dargaggoonni agarsiistuu eenyummaasaanii faayamanii argamuun yeroorraa yerootti dabalaa cimaa jiraachuullee kaatee, gabaan uffata aadaa dachaan akka dabaluu galiin akka guddatu kan taasisuudha. As keessatti dargaggeessi hojii eenyummaasaa beeksisuu hojjetaa qaroomina Oromoon qabus agarsiisaa kan jiru waan ta’eef umrii murteessaadha.

Irreecha har’aafi boru kabajamuuf qeerroofi qarreen uffata aadaafi faashinii Oromoo walsimataa ta’een miidhagaa jiru. Wallee godinaalee gara garaa, sirboota sabaafi sablammootaan dabalamee Finfinnee yoo guutu magaalattiin iftee mul’atti jechuudha.

Nagaan bahanii nagaan galuufimmoo ittigaafatamummaa guddaa fudhachuu kan qabu dargaggoota. Keessumaa qeerroofi qarreen Irreecha mallattoo qaroominaa ta’ee kana kabajaan gaggeessanii ‘UNESCO’ irratti akka galmaa’uufillee hojjechuun irraa eegama.

Akka Irreechi galmee ‘UNESCO’ irra qubatuuf sochiileen gara garaa taasisfamaa jira. Kun akka dhugoomuufis hawaasni biyya keessaafi ala jiru keessumaa qeerroofi qarreen naamusaafi duudhaa ayyaanichaa kallattii Abbootii Gadaan kennamu hordofuun gammachuu Itoophiyaanotaa kana kan addunyaa gochuuf tumsi olaanaa dargaggootaa murteessaadha.

Walumaagalatti qeerrummaafi qarrummaan umrii imaanaan abbaa dhaloota dhufuuf itti walharkaa fuudhamuudha. Kanamalees umrii waan ijaaramuu qabu itti ijaaran, waan diigamuu qabu ammoo itti diigan waan ta’eef walhubachaa waldhagahaa deemuun barbaachisaadha.

Weellisaa dhiichisaa rambaa rambaa gochaa dachee bacaqiiirraa bilisa bahaa jiru walqixxeessuun simboo qeerrummaafi qarrummaan ayyaanicha dabaaluufi nagaan xumuruun barbaachisaadha.

Maxxansa Addaa

“Waa’ee dhugeeffannaa Oromoofi...”

qooda olaanaa Oromoo keessatti bahaas jirti. Gumaachashii olaanaa kanaaf xumura torban turizimii Komishiniin Turizimii Oromiyaatiin qophaa’erratti badhaafameetti. Isa hafe akkuma ishiin nutti himtetti akka ittaanutti dhiyeessineerra.

Maqaa guutuufi bakka dhalootaa, eessatti maal hojjechaa turte?

Lookoo Duubaa ykn Chikaagee Obaa (PhD) jedhama. Bakki dhaloota koo Jaappaani. Jaappaanittin dhaladhee guddadhe. Digrii koo lammaffaa (Maastarsii) hojjechuuf Boorana seene. Moggaasa Maqaa Lookoo Duubaa jedhamus achumattin argadhe. Gosti koos Maliyyuu jedhama.

Doktareetii koos achuma, Booranattin hojjeche. Amma Yunivarsitii Arsittin barsiisaa jira. Naannawa Baaleefi Arsiittis qorannoowwan adda addaa adeemsiseera. Qorannoon koo digrii lammaffaa aadaa horsiisee bulaa barachuuf waanin fedhii guddaa qabuuf isarratti kan xiyyeeffateedha.

Booranni jaarraa 20ffaa kaasee akkamiin jireenyasaa geggeessa akka turerratti kan xiyyeeffatuudha. Fakkeenyaaf naannawichatti ongeen ni baay’ata. Ongeen ammoo Boorana keessa akka malee deema turte. Namnis loonsaa dhabe. Gara magaalattis godaane. Namni loon dhabe akkamiin jireenyasaa geggeessa? Inni magaalatti galee hojii daldalaa keessa seene.

Kan Booranaa fixee amma aadaafi duudhaa naannawa biraa qo’achuufin yaadaa jira. Waa’ee aadaa Oromoo baay’ee dhaga’eera. Dhaga’uun qofti waan gahaa hintaaneeff irratti argamee ijaan ilaaluun qaba. Keessumaa duudhaafi aadaa durii sirriitti ilaalee, madaalee barreeffamaan kaa’uun barbaada.

Kanas barana Irreecha Hora Harsadii (Bishooftuu)tti argamee jalqabuun barbaada. Gabaasas achirraan jalqaba. Jireenyisaas haala kanaan jijjiiramaa deeme. Digrii maastarsii koo keessatti akkaataa ummanni Booranaa ittijiraatu, aannan itti elmatu, gurguru, guyyaa meeqatti hammam akka gurgurufaan qoradhe.

Akkasumas akka gabaa dhaqanii horii gurguran. Horii gurgurani maal maal akka bitan, maaltu isaan barbaachisa? kan jedhurrattin qorannoo geggeesse. Aadaan kun akkam ta’a kan jedhurratti yaada namootaa haala jireenyi hawaasummaa ittijjiiramaa deemurrattis qorannoo geggeesseera. Walumaagalatti maastarsii koo haala jireenyaafi hawaasumaarrattin hojjeche jechuudha.

Doktareetii hoo?

Doktareetii koo dhimma argaa dhageettiirattin hojjeche. Fakkeenyaaf warri Booranaa seenaa akka malee dubbatu. Yoo nama tokko waa’ee seenaa gaafatte

sa’aatii tokko ykn lamaaf toora galchee dubbata. Kun kenna guddaadha. Durdurii fakkeessanii seenaa dhugaa sitti himu.

Ebelu, goota, ebelu raagaadha, ebalu akkana, akkasi, akkana ta’e... jedhee tokko tokkoon seenaa sii tarreessu. Sirna Minilik keessa kanatu akkas ta’e, uumame... ture jedhanii himu. Ongeen, lolan yeroo akkasii uumamee jedhanii waa hedduu dubbatu.

Haala kanaan Boorana guutuutti maanguddoo tokko qofa otoo hintaane hanga maanguddoo 100 gaafattee qoratta. Maanguddoonni waan darbe tokko tokkoon sirriitti yaadatanii himu. Waa’ee abbootii gadaa 71 yaadatanii sitti himu. Abbootiin Gadaa waggoota saddeet saddeetiin waljijjiiru. Warri Booranaa waa yaadachuurratti kenna addaa qabu. waa’ee abbootii Gadaa dhufanii darbanii ebelu ebelu jedhanii tokko tokkoon taatee raawwatame wajjin maqaa abbaa Gadaa wajjin seenessu.

Anatu Oromoo guutuu sirriitti quba hinqabne malee hunduu seenaa walfakkaatu qaba. Oromoon hundi seenaa himee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Teknikii seenaan dhalootarraa dhalatootti ittiin darbuun xiinxale.

Teknikiiwwan kanneen keessaa tokko geerarsa. Geerarsi akka namni waa yaadatu taasisa. Ebelu akkas godhe, achi ga’e, kana raawwate jedhamee ibsama. Sirbaan seenaa ibsan. Amma oggaa sirboota ilaallu walaloo fakkaata.

Walaloon kun waan sammuu namaa keessa waa kaa’uuf akka salphaatti hinbadu, hinjijjiramu jechuudha. Akkuma meemorii divaayisii ta’a jechuudha. Haasaa maanguddoo keessaa mammaaksa dabalatee waantota guguddootu mul’ata, jira. Doktareetii koo haalota odeeffannoon dhalootaa dhalootatti ittitarbu xiinxaluunin hojjeche jechuudha.

Irreecharratti maal qoratte?

Jechi Irreecha jedhu kan Tuulamaati. Irreechi iddoowwan adda addaatti moggaasawwan gara garaa qabaatu haalli raawwiisaa walfakkaata. Warri Tuulamaa durumaanuu Bishooftuu qofatti otoo hintaane qe’ee ofitti duudhaa barbaachisu guutuudhaan irreeffataa ture.

Ani dhimma kana gurrumaanin dhaga’e malee irratti argamee hinqoranne. Akeekni Irreechaa garuu Oromoo hunda walitti qabee Waaqa galateeffachuufi kadhachuudha. Roobaafi nagaa kadhachuudha. Irreechaafi haala raawwiisaarratti hunduu waliigala.

Hunduu naannawa naannawasaatti jila qaba. Fakkeenyaaf Booranni Irreecha jechuu baatus duudhaa achi keessa jiru sirriitti qooddata. Dhibaa yuu jedhee waan raawwatu qaba. Irreechi kan saboota hunda walitti qabu waan ta’ef hunduu nijaalata. Hunduu jila qaba, Booranni, Gujii, Arsiin...

Wayaafi faayaan aadaa Irreecharratti mul’atus ayyaanichaaf miidhagina addaa kan kenneedha. Uffannaawwan aadaa Oromooti dabalee kan saboota kaanii akka Tigreefi kkfn Irreecharratti dhiyaachaa jiraachuun ayyaanichaaf miidhagina guddaa kenna. Kun seenaafi aadaa walii beeksisuufi guddisuufis ni gargaara; walummaas ni cimsa.

Hirmaannaa biyyoota ollaa

Ummatoonni biyyoota ollaa hirmaachuunis hiika guddaa qaba. Daangaa malee aadaa addaan kutuun hindanda’amu. Aadaan daangaa hinqabu. Warri Keenyaafaas haala kanaan dhufanii Irreecharratti hirmaachuun waan jajjabeeffamuudha. Warri Keenyaafi Itoophiyaa afaaniinillee waliigaluu danda’u.

Biyyoonni ollaa, sabaafi sablammoonni Itoophiyaa ayyaana Irreecharratti argamuun aadaa, duudhaafi odeeffannoo waljijjiiruuf gargaara. Kun ammoo waan daran barbaachisuudha. Warri Itoophiyaas haaluma kanaan ayyaana isaan qabanirratti hirmaachuu qabu. Garuu ayyaana guddaa akkanaa kan qabu Itoophiyaa qofa.

Afaan Oromoo barachuushiifi faayidaasaa

Afaan walii beekan malee waliigaluun hindanda’amu. Afaan Oromoo barachuun akkan namaan walbaruufi aadaa baradhuuf na gargaareera. Akkuman jedhe namaan waliigaluuf afaan beekuun dirqama. Namoota baay’ee wajjin waliigaluuf afaanota hedduu barachuu barbaachisa.

Irreecha Yuneskootti galmeessisuu

Irreecha Yuneskootti galmeessisuuf karoorii jira. Irreechi akka galmaa’uuf waantonni guutamuu qaban jiru. Haallitti Irreechi raawwatamu tarsiibaafi duudhaa mataasaa qaba. Ayyaana Irreechaa Bishooftuufi Finfinneerratti namni tokko tokko otoo maanguddoo hinkabajiin taphatanii, sirbanii, utaalanii galu.

Waldhiibuunis jira. Kana keessa ammoo namni nimiidhama. Turistoonnis ni miidhamu. Kanaaf maanguddoota of fuuldura buusani suuta jedhanii deemu barbaachisa. Duudhaalee Irreecha keessa jiran kabajaa deemuunis gaariidha jedheen yaada. Akkuma ayyaana Cuuphaa Yuneksotti galmaa’e sanaa kan Irreechaas tartiiba duudhaasaa keessa jiruu eeganii raawwachuun barbaachisaadha.

Namni ayyaanicharratti nagaan hirmaatee galuu qaba. Cuuphaadhaan walbira qabnee yoo ilaalle Irreecharratti gama tartiiba duudhaa achi keessa jiru kabajuutiin hanqinni nimul’ata. Irreeffatanii deebi’uurratti tartiibni jiraachuu qaba.

Fakkeenyaaf malkaan Irreechaa duraan dursee abbaa Malkaatiin banamuu qaba. Abbootiin Gadaa ni eebbisu. Tartiiibni kun kabajamaa hinjiru. Keessumaa

dargaggoonni maanguddoota jijjigsanii darbu. Hirmaattonni tokko tokko maanguddootaafi abbootii Gadaa hinkabajan jechuudha.

Kun tasumaa ta’uu hinqabu. Otoo tartiibaafi duudhaasaa hinkabajiin callisaniituma Irreeffatanii deebi’uun jira. Kunis sirrii miti. Namni akkana godhu aadaafi safuu hinbeeku jechuudha. Hanqinoonni akkanaa sirraa’uu baannaan Irreecha Yuneskootti galmeessisuurratti rakkoo uumuu danda’a shakkii jedhun qaba. Yoo tartiibni duudhaa achi keessa jiru kabajame turistii hawwachuufillee nigargaara.

Kanaaf, ergaan safuu, duudhaafi aadaa akkasumas tartiiba eegi kan jedhuudha. Waanti gaafa Irreechaa mul’atu dorgommii fakkaata. Dursitee deemtee bishaan bira geessee waan fixxu fixxee deebi’uu qofa fakkaata. Kun sirrii waan hintaaneeff sirrachuu qaba.

Tuulamatti Irreechi dur maal akka fakkaatu malkaawwan adda addaa bu’ee hubachaan ture. Ammas akkatti Irreechi raawwatamu arguun barbaada. Akkan maanguddoo tuulamaarraa odeeffadhetti akkuma Masqalaa qe’ee qe’eetti gubaan ni gubama. Isa dura araramni akka gaafatamus odeeffadheera. Namni waldide jiraachuufi dhiisuun nigaafatama. Yoo jiraate gubaa gubanii ni ararsu. Erga gubaan gubatee booda waleebbisanii, sirbaa, mareewoo... jechaa bulu. Ganamaan ka’anii ammoo marga qabatanii gara malkaa deemu. Asirratti dubartiin ykn haati Siinqee gaadiifi okolee qabatti. Waanin maanguddootarraa dhaga’e ijaan arguun qaba.

Amma maal hojjetta, achumaanis ergaa yoo qabaatte?

Yunivarsitii Arsiitti aadaan barsiisa. Ani antiropolojistidha. Yunivarsitiin keenya korsii fireeshmaanii antiropolojii qaba isan barsiisaa jira. Amma waa’ee aadaa kana sirriitti barsiisaa jira.

Ani Dilbata Irreechaafi Bishooftuun deema. Garuu waan Oromoon baay’een dhufuuf pirojektii miidhamtoota qaamaarratti xiyyeeffatu tokko Yunivarsitii Arsiitti kaa’eera. Galii dhimma kanaaf oolu argachuufi beeksisuuf waanin ayyaanicharratti gurgurus qabadheen dhiyaadha.

Irreechi bashannanaafi biiraa dhuguu qofaan kan kabajamu otoo hintaane gama dinagdeetiinis faayidaa olaanaa qaba. Namoonni tokko tokko hojiin hinjiru, hojii hinqabu jedhu. Garuu dalagaan guuteera nama hojjetutu hinjirre hojjechuu didan malee. Waanti hojjetamu baay’etu jira; namatu tapha qofa barbaada malee.

Ayyaana gaarii!

Maxxansa Addaa

Irreechaafi mana nyaata...

baasuun aadaa kana guddisuun akka hindanda'amne akkasumas, caalbaasiwwan addaddaa mo'achuufis ta'e hojiiwwan hedduu hojjechuun ulfaataa ta'uu hubachuun waldaadhaan dhaabbata dhuunfaa ittigaafatamnisaa murtaa'e hundeessuu ibsu.

Kanaanis akkuma yaadame aanaalee, kutaawwan magaalaa sagantaawwan garagaraarratti nyaatawwan aadaa hojjetanii dhiheessuufi barsiisuuf carraa bal'aa argachuu kan himan Aade Shawaanash, Biiron Aadaa, Aartiifi Turizimii Magaalaa Finfinneellee hojiisaanii daawwachuun caalaatti babal'isani akka hojjetaniif isaan jajjabeessaa, gorsaafi yaadaan bira dhaabachuun hamilee ta'uufii ibsu.

Hojiisaaniis namoota dhihoofi fagoo jiran biratti beekamaafi jaalatamaa maamila horachaa dhufuu himanii, namoonni iddoowwa addaddaarraa iyyaafannaadhaan dhufuu eegaluu dubbatu. Hojiin mana nyaata aadaa waggoota dhihoo as baramaafi bal'achaa dhufe malee yeroo isaan jalqabanitti qormaatiwwan hedduu mudachaa turuu dubbatu.

"Mogaasuma maqaa Cororsaa jedhurraa kaasee namoonni nu ceepha'aa turan. Namoonni maqaasaa beekani utuu waamuu danda'anillee jallisanii waaman turaniiru. Kaan immoo maayinni jedhanii nurkatti

busheessuu barbaadu. Nutimmoo sanuma keessa dabarree "Cororsaa" jechuun nyaata aadaa Oromoo isa kabajamaafi ulfaataa ta'uu, kanammoo namni baree itti haa fayyadamu jechuun kan hojjennu malee nyaata kara deemaan kamuu itti goree nyaatu miti; aadaa keenya beeksisuuf jennee malee kan gurguramullee hinturre jennee suuta hubannoo namootaa jijjiiraa dhufne jedhu.

Kana malees barjaa mana nyaatichaa Afaan Oromootiin barreessisuun yommuu maxxansan hanga hidhamuttillee qaqqabuu ibsani, kanas baay'inaan manichatti kan fayyadamu namoota kutaa biyyaarraa dhufaniifi Amaariffa dubbisuu hindandeenye waan ta'aniif yaadamee ta'uu himuun falmii baay'eedhaan bira akka darbame himu.

Hojicha keessatti namootumti waa beeku jedhamanillee oggaa nama qoraniifi hamilee nama buusuuf yaalan mul'ataa turanillee, waan badeera, kufeera jedhame kaasnee akka hojjennuuf keessa keenya kan fide Waaqa waan ta'eef kan nama gargaarus isuma ta'uu ibsu.

Akka ibsa Aade Shawaanashitti, bu'aan hojiinmanniyaataa aadaa gamamaallaqaatiin argamsiisu hangas ta'uu baatus aadaan ofii beeksisachuunuu bu'aa olaanaadha. Har'a iddoowwan baay'eetti dhangaa nyaataa keessatti cororsaa, caccabsaa, aancooteefi

kanneen biroo makamanii dhihaatanii arguuniyyuu gammachuu tokko. Nyaatni godina murtaa'etti beekamu amma guutuu Oromiyaatti beekamee argurra waanti nama gammachiisu hinjiru. Waan maatiin keenya hinargiin darban nuti argineerra, ijoolleen keenyamoo kana caalaa argu; kun gammachuu hunda caaluudha.

Wayita ammaas ilaalchi namootaa guutummaatti jijjiirameera jedhamuu baatus, sanuma keessa darbuun kaayyoo ofii galmaan ga'achuun dirqama ta'uu ibsu.

Mana nyaataa aadaa magaalota lamaan kanneenitti namoonni 50 ol carraa hojii argachuus eeranii, namoota walitti hidhamiinsi gabaa uumameefi wantoota hojiif barbaachisan irraa bitatan yoo itti lakkaa'aman ammoo daran baay'ee ta'uu dubbatu. Fuuldurattis utuu bakki hojii, faayinaansiifi walitti hidhamiinsi gabaa caalaatti uumameefii hojiicha daran babal'isani hojjechuun carraa hojii caalu uumuu, hojii bizinasii aadaa bal'isuuf yaada qabaachuu kaasu.

Namoota hojii kanarratti bobba'uu fedhaniifis kana dura akkanumaan barsiisaafi muuxannoo dabarsaa turuu kan himan Aade Shawaanash, namoonni isaan bira hojjetaa turan yeroo ammaa mana nyaata aadaa mataasaanii banachuun hojjetaa jiraachuu

dubbatu. Ammas namoota fedha qabaniif muuxannoosaanii qooduuf qophii ta'uu himu.

Manni nyaataasaanii ayyaana Irreechaa har'aafi boru kabajamuuf qophii duraa taasisuun akkuma baroota kaanii jala bultiirraa eegalee haala ho'aadhaan keessummeessaa jiraachuu ibsu. Carraa kanaanis ummata Oromoo hundaan бага Ayyaana Irreechaa bara 2016 nagaan geessan jechuun ergaasaanii dabarsu.

Maamiloota mana nyaatichaa keessaa namoonni dubbisne tokko tokko manni nyaatichaa nyaatawwan aadaa mi'aawaafi qulqulluu waan dhiheessuuf bakka filannoosaanii yeroo dheeraa ta'uu kaasanii, yeroo ayyaana Irreechaa ta'e guyyaa kaan haala walfakkaataan waan keessummeessaniif kan ittigammadan ta'uu dubbatu.

Cororsaa jechuun nyaata aadaa Oromoo godinaalee Wallaggaatti beekamu yoo tahu, xaafii diimaan baay'ee osoo hinbukaa'iiin furdii famee celeerratti tolchama. Yommuu inni ba'us itittuu ykn baaduun ho'ifamee dhamni jalaa ba'ee, dhadhaa baqfamaafi qocqocaa itti naqama. Dhadhaan yaa'ee jabanaa xiqqoo funyaan tokko ykn lama qabduun waan sirriitti irra cororfamuus moggaasa maqaa cororsaa jedhu argate.

Irreecha: Feestivaala...

nageenyaa, dargaggoota, foollee, dhaabbilee siyaasaa, abbootii Gadaa, haadholii Siinqee, kutaalee hawaasaa hunda mariisneerra. Marichaanis warri hoggansa mootummaa bakka bu'aa mootummaa otoo hintaane, kan mormullee yoo jiraate Oromoo wajjin ta'ee akka irreeffachuutu irra jiraata.

Rakkoo siyaasaa mana keenyaa manuma keessatti haa furannu, kan wallole ykn uumama wajjin wal dhabe bakkuma jirutti araaramee ayyaanichi kan nagaafi guddummaan Oromoo addunyaatti mul'atuun akka ta'uuf yeroo kamuurra xiyyeeffannaa kennineeti kan hojjenne.

Irreecha Hora Finfinneefi Harsadeetti dabalee malkaawwan ulfoo danuun godina keenyattis waan argamaniif isaanirrattis karaa duudhaa ummataa eegeen erga malkan abbaa malkaatiin saaqamee akka raawwatuuf hojjenneerra. Hanqinni hubannoo haala raawwiifi irreeffannaarratti keessumaa dargaggoota bira bal'inaan waan jiruuf dokumantiin sirnaan qophaa'ee sirriitti hojjetameera.

Keessumaa dargaggoonni akka haala qabatamaa godina keenyaatti mariisne yaada, "Oromoo taanee haa irraffannu, gaafa Oromoo taanee irreeffannu naga qabaanna, safuu beekna, ooda qabna" jedhu calaqqisiisaa turan.

Haaluma kanaan akka irreeffatamuuf qophii cimaan taasisameera. Akka godina keenyaatti Aanaa Sabbataa dabalatee dargaggoota hedduu leenjiseerra. Magaalota Shaggariifi Finfinneefillee gumaachineerra. Ergamas walii kennineerra.

Ittidabaluunis qabxiilee ittaanu kaa'aniiru:

- Ummanni Oromoo saba guddaa Gaanfa Afrikaatti seenaa boonsaa qabu, ummata aadaa, safuufi duudhaan buluudha.

- Ummata Oromoo guddaa kan taasisa baay'ina lakkoofsaa qofa osoo hintaane, falaasama gabbataa, ilaalcha uumamaafi sirna dhugeeffannaa qabaachuusaati.
- Bu'uura falaasamaatiinis qaroominoota guguddoo addunyaaf gumaacheera.
- Yeroo addunyaaf waa'een dimokraasiifi walqixxummaa mirgoota abjuu turetti Oromoon sirna ajaa'ibsiisaa kalaqee ittiin walbulchaa ture.
- Yeroo saboonni Afrikaa hedduun waraanaan walbarbadeessaa turanitti Oromoon bulchiinsa Gadaatiin hariiroo obbolummaafi walqixxummaa kabaja dhala namaa mirkaneesse.
- Duudhaalee kanneen tiksufis jaarmiyaaalee Guddifachaa, Moggaasaa, Gosa Galchuu, Irreecha, Meedhichaa, Michuu, ijaarudhaan sirnichaaf utubaa jabaa dhaabeera.
- Jaarmiyaa dhugeeffannaafi Waaqeffannaa hariiroo Uumaafi uumamaa, namaafi uumamaa ittiin qajeelchaa ture hedduu keessaa tokko jaarmiyaa Irreechaati.
- Oromoon heera uumamaa ja'af iddoo guddaa kenna. Isaanis, heera Uumaa, lafaa, haadhaa, abbaa, malkaafi tulluuti.
- Isaan keessaa gurguddoon heera malkaafi tulluu ta'uu amana. Iddoo kanatti dhugaatu dubbatama jedhee amana.
- Irreechi Oromoos kanneeniif beekantiifi ulfina kennuun ayyaana kabajamuudha.
- Ayyaana Irreechaa karaa nagaafi tasgabbi qabuun kabajuudhaan ayyaanichi ayyaana galateeffannaafi naga ta'usaa mirkaneessuun kabajamuu qaba. Oromoon Malkaa bu'ee Irreecha irreeffachuuf aadaafi safuu eegu qaba.

- Malkaa bu'uun dura of qulqulleessee, haaloofi gadoo of keessaa baasuun walii araaramee garaa qulqulluun Irreechaaf deema. Kanaaf, Irreechi ayyaana nagaafi araaraa jedhama.
 - Irreechi ayyaana miliyoononni guyyaa tokkotti; bakka tokkotti bahanii nagaan kabajan ta'uusaatiin feestivaala Afrikaa guddaa ta'aa dhufeera.
 - Ayyaanni Irreechaa baay'ina namoota hirmaataniitiin akka Afrikaatti sadarkaa duraarra jira.
 - Guyyaan kun waltajjii miidhaginni aadaa Oromoo/uffata, afoola/ itti mul'atuudha.
 - Tuuristoota gara biyyaatti fiduun aadaa qabeenya tuurizimi Oromiyaa beeksisuu keessattis iddoo olaanaa taphateera.
 - Haa ta'u malee Irreechi osoo ayyaana nagaati jedhamuu yoo rakkoon nageenyaa uumame ilaalcha aadaafi eenyummaa Oromoo busheessu uuma.
 - Irreechi qaama tarsimoo aadaa ganamaa kanneen akka Barnoota Sirna Gadaa, Mana Murtii Aadaa, Buusaa Gonofaa, Tajaajila Lammummaafi Gaachana Sirnaati.
 - Irreechi Ayyaana Dinagdee Tuurizimiiti
 - Irreechi Ayyaana Nagaafi Araaraati
- Waantota akka hanqinaatti ka'an
- Waa'ee ayyaanichaarratti hubannoo guutuu dhabuu,
 - Karaa ijaarameen kabajuu dhabuu,
 - Miira to'achuun tasgabbiidhaan kabajuu dhabuu,
 - Maqballeessii ayyaana Irreechaarratti gaggeeffamu,
 - Ayyaana Irreechaa Faayidaa Dinagdee

hinmalleef fayyadamuu

Ayyaanni Irreechaa...

- Ayyaanni Irreechaa karaa ijaarameen qofa kabajamuu qaba.
- Ummanni hubannoo guutuu argachuu qaba.
- Ayyaanni kun karaa kamiinuu ajandaa siyaasaa ta'u hinqabu.
- Ayyaana Irreechaa akka sabaatti miidhaganii aadaa ofii mul'isuun barbaachisaadha.
- Irreecha miira obbolummaa sabdaneessummaafi hariiroo gaariitiin kabajuun barbaachisaadha
- Ayyaanni Irreecha, duudhaa Irreechaafi 'UNESCO'n eegumsa hambaa kiliyaa ilaalchisee kaa'een kabajamuu qaba.
- Gochoota qaama siyaasaa, saba, amantii, koorniyaa, tokko faarsuufi kan biraa tuqanirraa ofeeguu.
- Daandiirratti dhimmoota nageenya isaa jeeqan, miira keessa galchaniifi tasgabbi ayyaanichaa miidhuu danda'anirraa akka of qusatu taasisuu, miidhagee, gammadee, tokkoomee ayyaanasaa akka kabajatu haala mijeesuu,
- Namoota ergaa miira ayyaanichaatiin ala ta'e dabarsan, dursanii beekuu, saaxiluufi to'achuu,
- Daandiirrattis ta'e bakka ayyaanichaatti maanguddoota, haadhooliif dursa kennisiisuu,
- Daandii malkaafi bakka irreeffanaatti namni hundi amalootaafi gochoota faallaa aadaafi duudhaa Oromootiin ala ta'anii safuu Oromoo boressanirraa akka of qusatu qaba walqabaachuu, walgorsuufi walijaaruutu barbaachisa jedhan.

Maxxansa Addaa

“Irreechi Oromoo danqaawwan ...”

Finfinnee fi Hora Arsadiin nu ga'e uumaan galata dachaa qaba.

Ummanni Oromoo waggoota kuma hedduu duraa jalqabee sirna bulchiinsa Dimokiratawaa Gadaa ijaarachuun seera Uumaaf uumamaafi deemsa duudhaaf amantaa ittiin uumaa isaa wajjin wal argus kan tolfate saba guddaa Gaafa Afrikaati. Gadaa tolfateenis qajeelfama jiruuf jireenyaa galma gaaddisa Odaatti mareef marabbaan qajeelfachuudhaan kan bulaa tureefi uummata qaroomina gama hundaan angafummaa qabudha.

Beekumsa jireenya guyyuu hunda itichee naqata muuxannoo jireenyaa duudhaa, safuufi aadaa isaatiin faayamee bakka kaleessa salphina keessummeesse handhuura Oromiyaa Finfinnetti kabaja horachuun Ayyaana Irreechaa kabajachuu cimsee itti fufeera. Irreecha Hora Arsadees Kaabaa Kibbaa fi Bahaa Lixaa timmisee ulfoofi ulfina isaan faayamee kabajachaa jira. Kun injifannoo guddaadha.

Aarsaa qaqaaliifi wareegamni gootonni Oromoo kaffalaa turanis sanyii jiraatu ta'ee deebi'ee marguun balbala injifannoo Oromoo deebi'ee cufamuu akka hin dandeenyetti bansiisee abbaa injifannoo ta'uu isaa raggaasiseera. Dhugaa qabannee dhugaaf hojjennee injifannoo arganne uummata keenyaa wajjin ta'uun galma barbaadameen ni geenya. Kana ammoo Uumaan Ganna dukkana maree dabarsee Birraa ifaafi Abdiin guute maree nuuf fidee galataaf gamtaan nu simatu nu gargaara. Nutis ni hojjenna ni milkoofnas.

Daandiin milkaa'ina keenyaa guddichi duudhaa ganamaa uummata keenyaatti deebi'udha.

Duudhaan saba keenya ganamaa ammoo injifannoofi milkiin guutuudha. Ummanni keenyas qabsoofi wareegama guddaa kaffalee cunqursaafi dhiibbaa akka sabaatti isa irra ture ofirraa fonqolchuun

Irreecha hora Finfinnee qe'ee keenyatti sirnaafi duudhaa isaa eegnee kabajuu eegaluun keenya muumme injifannoo isa olaanaadha. Kana malees, barii jijjiiramaatii eegaluudhaan bakkaawwan arda jilaa ulfoo Oromoo qorachuu, daangeessuufi misoomsuu, galmaawwan aadaafi seenaa eenyummaa Oromoo mulisan ijaaruu, haqa dabe bakkatti deebisuufis Mana Murtii Aadaa hundeessuu, seenaa dabe qajeelchuufi dhalooni duudhaa, safuufi eenyummaa Oromoo beekke akka guddatuuf sirna barnootaa keessatti hammachiisuufi hojjiwwan garaagaraa duudhaa, safuufi eenyummaa Oromoo ulfeessanii ol-qaban xiyyeeffannoon hojjechaa jirra.

Jalqabbii keenya kana qorannoon cimsinee sirneessuun guddummaa keenya gocha qabatamaan mulifna.

Ulfoon Oromoo hundi ulfina isa madaalu Addunyaa irratti argatee ardaawwan jilaa qoo'annoofi qorannoo akkasumas jiddugala Turiizimii uummata Addunyaa isa guddicha akka ta'uuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa xiyyeeffannoo kennee hojjechaa jira.

Haayyoni, Abbootiin Gadaafi Ummanni Oromoo hundi qajeeltoo duudhaa ganamaan sirnoome ijaaraa jirru keessatti qooda olaanaa bahachaa jirataniin galata jennus daandiin qabanne dheeraa, galmi keenyas fagoo waan ta'ef tumsi oromummaa ammas isin irraa eegama.

Irreecha baranas wayiita kabajannu hangafaa quxusuun malkaatti yaanee, ulfoo ulfina Oromoo godhannee, nageenya irreechaa duudhaa sirnichaan kabajaa uumamaan uumaa keenya galateeffachuuf miliyoonota hedduun baanee sirnicha miidhaksuun cinatti Ummata Addunyaas akka raajeffachiifnu waamichan isiniif dabarsa. Birraan kan quufaaf gabbinaa, Irreechi kan milkii, jaalalaafi nageenya nuuf haa ta'u!

Ayyaanota akka Irreechaa...

kadhata. Yeroo sanyii baasu, yeroo fuudhaafi heerumaa, yeroo karaa deemus ni irreeffata, milkii kadhata.

Dubartiin yeroo ateetee borootti ni irreeffatti. Osoo karaa deemtuu akka carraa malkaa yookiin tulluutti wayita baatus irreeffattee dabarti. Kanaafuu irreessi jiruufi jireenya Oromoo keessatti guyyuu kan raawwatamuudha jechuun ni danda'ama.

Akaakuuwwan irreechaa keessaa kan ummatni Oromoo bal'aan irratti hirmaatuufi waggoota dhihoo as sabaafi sablammootni biyyattii heddumminaan irratti hirmaachaa jiran Irreechi birraa hora Finfinneefi Harsadee, tokkummaa biyyaa hundee cimaa ta'erratti dhaabuufis shoora

olaanaa bahachaa jira.

Kabaja ayyaana Irreecharratti ummanni biyyattii garri caalu hubannoo gaarii qabaachuu qofa osoo hintaane, Oromoo waliin bahee irreeffachuu jalqabuun akkuma jirutti ta'ee, haa xiqqaatanis malee kanneen ammas ija shakkiifi jibbaan ilaalan waan jiraniif humnaan osoo hintaane, jaalalaan isaanis hubachiisuun barbaachisaa ta'a.

Walumaagalatti, Irreechi abbummaadhaan aadaa Oromoo haa ta'umalee irratti hojjanaan biyya tokkoomteefi ummattootnishees waljaalalaan waliin jiraatan ijaaruu keessatti gaheensaa guddaa ta'uun hubatamee caalaatti irratti hojjachuun murteessaadha.

Kabajni Ayyaana Irreechaa guyyaa ...

namni of qulqulleessee garaa jaalalaafi tokkummaatiin dhiyaachuutu irraa eegama. Guyyichi guyyaa uumaa galateeffataniifi Abbootii Gadaa biraa cebba fudhatan waan ta'eef gochaafi ilaalchi siyaasaa madaallii kamiinuu hinkeessummeeffamu.

Bakka Irreeffannaa bakka kabajamaafi miidhagaa gochuuf hojiin hojjetamaa jiru daran nama boonsa jedhanii, gochaan

waaqa tolfamaa waaqessuu fakkaatu kan duudhaa ganamaa irreechaa hinmadaalleefi ummata Oromoo tuffachiisuu bakka kabajamaa kanarraa fagaachuu akka qabus hubachiisaniiru.

Abbootiin Gadaa gamasaaniin guyyaan kabaja Ayyaana Irreechaa dhahaan kan murtaa'u malee ayyaana guyyaa dhaabbataan kabajamu akka hintaane ibsaniiru.

“Irreechi Hiree Nagaafi...”

nugahe!

Gaaffiiwwan ‘Namni Uumaaf nagayaa?; Uumamaaf nagayaa?, Namni waliif nagayaa?’ jedhaman Irreechaa Malkaa bu'uun dura gaafatamuun kan baratameedha. Kan waldhabe, afaan walitti darbe, walitti mufate osoo irreeffannaaf Malkaatti hin qajeelin dura waliif araaramuu qaba.

Uumaa galateeffachuun dura Uumaafi uumama waliin araaramuutu duudhaafi safuu baratameedha. Weedduun galata Uumaa, “Marechoo..... Marechoo” jechaa jiidha harkatti qabatani, miidhagina jamaatiin Malkaatti gadi qajeelan sun mallattoo tokummaa, hiree naga ayyaana Irreecha Birraa Oromooti.

Kanaafis, namni Irreecha beeku gadoo lagatee, Naga lallaba. Jaalalaafi tokkummaa, waltumsaafi obbolummaan qajeeltoo isaati. Kenna kabajamaa Uumaarraa argateef beekamtii kenna. Waloomaafi waliin jireenya uumamaa dinqifachaa Uumaaf galata galcha. Harka qalleessa of harkaa dhabe ni hirpha, ni deggera; Kan daare daara baasa; mijuu waliin qooddatee gammachuu hira. Hireen naga Irreecha keessa jiru, hiika daangaa ofii keessatti nagaan taahuufi jiraachuun olitti waliif birmachuu of keessaa qabuudha. Irra deebiin бага аyyaana Irreechaa bara 2016 geessan, бага gammaddan jechuun fedha.

Irreechi hiree haqaafi walqixxummaa, dirree jaalalaafi tokkummaati. Irreechi gaaddisa Gadaa

jamaa guddaa walitti qabu, obbolummaafi waliin jireenya lallabuufi michummaa ummattoota obbolaa olqabu taheera. Duudhaa mandhalee keenyaan walitti qabannee, harka walqabannee, gufuuwwan nu danqan buqqisuun har'aafi egerree keenya miidhagaa godhachuuf jabinaan hojjechuu qabna.

Gadaan kun kan quufaafi gabbinaa, kan naga fi araaraa, kan hojjennee itti milkooofnu, kan oomishnee dachaa dhibbaan itti hammaarrannu akka nuuf tahun hawwa. Bara milkiin mataa ol itti qabannu, bara gadoofi gadadoo injifannee guddummaafi beekumsa ummata keenyaa addunyaatti mul'isnu nuuf haatahu.

Sirna guddaa akka ayyaana Irreechaa kana akka meeshaa tokkummaa keenya cimsuutti qabannee, kiyyoo fagoofi dhiyoo imala badhaadhinaa keenyarratti aggaamame hunda ciruudhaan kaayyoofi mul'ata qabanne milkeessuun bara imala seenaa qabeessa itti milkeessinu nuuf haata'u.

Gadaan Quufaafi Gabbina!!!

Barri Kan Milkiifi Injifannoo Nuuf Haata'u!!!

Itoophiyaan tattaffii ijolleesheetiin sodaatamteefi kabajamtee bara baraan haa jiraattu!!

Uumaan Itoophiyaafi uummatashee haa eebbisu!

Fulbaana 25/2016

Irreecharratti yaada...

Kaayyoo Waldaan Maccaafi Tuulamaa bara 1956 dhaabateef keessaa inni ijoon tokkummaafi misooma Oromooratti hojjechuu yoo ta'u, misooma keessaa ammoo tokko aadaadha. Haala kanaanis aadaan ummata Oromoo akka guddatuuf qooda olaanaa gumaachaa jira. Keessumaa hojiin Irreechaan walqabatee hojjetame akka salphaatti kan ilaalamu miti.

Ani akka dhuunfaatti Irreechiin jalqaba hirmaadhe bara 1984 yoo ta'u, ana dura garuu namoonni waldicha hundeesan yeroo lama dhaqanii irreeffataniiru.

Yeroo sana koreen aadaa waldichaa namoota ja'a qofa ta'anii dhaqanii irreeffataniin turan. Bara ittaanus namoota lama dabalachuun saddeet ta'anii irreeffatan. Bara ani dhaqemmoo namoota 14 taanee irreeffanne. Namoonni ayyaanicharratti hirmaatanillee Oromoon yoo aadaasaatti deebi'ee irreeffachuu jalqabe wareega wareegani galanii turan. Wareega sanas daabboo tolchisiisnee fuunee deemnus namni nyaatullee dhibee daandiitti baasnee namootaaf kenninee galle.

Boodarra bara ittaanuuf huccuu xaaqaadhaan binnee dhaadannooowwan addaa kanneen akka “Waaqeffataa ta'uun of ta'uudha, Oromoo Oromtittii aadaakeetti deebi'ii; Ilmaan Abbaa Gadaa Waaqeffataa ta'aa” jedhanfaa barreesisnee magaalaa Bishooftuu bakka addaddaatti hiine. Kanaanis poolisiidhaan qabannee hidhamnee turre.

Jibbaafi arrabsoo hedduu keessummeessaa ayyaanichi eegalame. Kana keessatti qoodni Tuulamaa kan Galaan waan dagatamu miti. Isaantu nu caalaa itti arrabsamaafi tuffatamaa sirna kana qabatee nu biraan ga'e. Waaqeffachuuf irreeffachuun Oromoo hunda bira kan turus sirna bittaa tureefi amantiwwan addaddaa babala'achuurraa kan ka'e sirni kun hanga tokko laafee ture. Kana keessatti garuu warri Tuulamaa obsaan keessa darbanii nu biraan ga'an. Bara 2001 keessallee akkamiin namni barate irreeffannaa deema jedhanii utuu nurkatti tuffatani didnee itti deemuun suuta suuta akka baramu gooneerra.

Har'a garuu seenaa sun hundi darbee Irreechi kan Oromoo qofa osoo hintaane kan Afrikaanotaallee ta'ee kabajamaa jira. Sadarkaa ayyaana guddicha addunyaata ta'uu danda'urra jira.

Oromoon namni amantii kamuu hordofu dhufee yoo irreeffate natti tola. Akka Waaqeffannaattis yoo irreeffachuu dhiiste ni cubbanta wanti jedhu hinjiru. Ammas namni ayyaanicharratti hirmaachuufi galateeffachuu barbaadu kamuu walqoodiinsa tokko malee irratti hirmachuu danda'a.

Ayyaanni baranaas kan bara kamuu caalaa ho'eefi bareedee nagaadhaan akka xumuramuuf hunduu tumsuu qaba. Ayyaanichis sadarkaa addunyaatti beekamtii akka argatuuf keessumaa Oromoon yoomiyyuu caalaa tokkummaasaafi nageenyasaa eeggatee kabajuutu irra jiraata.

Maxxansa Addaa

Obbolloonni Oromoo Irreecharratti maal jedhanii turan?

Saamraawiit Girmaatiin

Finfinnee: Bara darbe Irreecha Hora Finfinneefi Hora Arsadeerratti hirmaachuuf keessummoonni kallattii garagaraarraa jilasaanii qabatani dhufunsanii ni yaadatama. Keessumaa Naannoo Sidaamaa, Godina Gaamoofi Alaabaarraa dhufan yaada Gaazexaa Bariisaaf kennanii turan akkanaa yaadanna.

Obbo Jaagoo Aganyaw Hogganaa Biiroo Aadaa, Turizimiifi Ispoortii Naannoo Sidaamaa yoo ta'an, isaanis yaada gaazexaa keenyaaf kennaniin, sabaafi sablammoonni Itoophiyaa aadaafi duudhaa mataa mataasaanii kan qaban yoo ta'u, inni tokko aadaa isa tokkoof beekamtii kennuufi kabajuun hariiroo sabootaa kan cimsu ta'uu himu.

Jilli Sidaamaas obboleessisaa Oromoon gaafa Ayyaana Irreechaa kabajatu durarraa kaasee irratti hirmaachaa turuu kaasanii, Oromoonis ayyaana waggaa haaraa Sidaamaa, Fichaa Cambaalaalarratti argamuun waggootaaf waliin kabajaa turuu dubbatu.


Ayyaanota sabootaa waliin kabajuun hariiroo sabootaa cimsuun tokkummaa jabeessuu caalaatti, ijaarsa nageenya, misoomaafi guddinaallee kan cimsu ta'uu dubbatu. Isaanis Irreecha qofa osoo hintaane torban darbe keessa saboonni garagaraa wayita ayyaana jijjiirraa baraasaanii kabajatan irratti hirmaachuun aadaa waliitti agarsiisaafi tokkummaa cimsaa akka turan kaasu.

Akka ibsa hogganichaatti, jilli anga'oota, garee aadaa, jaarsoliifi kutaalee hawaasaa hirmaachise Irreecha Hora Finfinneefi Hora Arsadeerratti argamuun saganticharratti hirmaataa jira. Itoophiyaanonni aadaa miidhagaafi ajaa'ibsiisaa qaban kunuunsuufi dhalootatti dabarsuu akka qaban dhaamu. 'Haballe le mekumunna tana ontu Oromota rudu'i Irreechoo ayyanirraa, kerune illishini'e, kun ayyano, banchu maha, alchemo, galatemoo" jechuun ummanni Oromoo бага Ayyaana Irreechaa bara kanaa nagaan geessan ergaa



Obbo Biraanuu Zawudee

jedhu Afaan Sidaamaatiin dabarsaniiru. Obbo Biraanuu Zawudeemmo Naannoo Kibbaatti Bulchaa Godina Gaamooti. Isaanis yaada nuu kennaniin jilli aanga'oota, garee aadaa, abbootiifi haadhoolii Gaamoo dabalachuun Irreecharratti hirmaachaa jiraachuu kaasanii, Itoophiyaan ayyaanoota sabootaafi sabalammootaan kabajaman hedduudhaan kan badhaate waan taateef kanneen waliin kabajuun ijaarsa biyyaaf faayidaa olaanaa akka qabu dubbatu. Duudhaan tokkoon tokkoon aadaa sabootaa keessa jiru kan qorannoofi qo'annoodhaan hinargamne ta'uufi kunis abbootii irraa dhalootaa dhalootaatti darbaa dhufuu ibsu. Dhaloonni ammaas duudhaalee kanneen dhaloota ittaanuuf dabarsuuf eegu, kunuunsuu, misoomsuufi jiraachuu akka irra qabu eeranii, kanneen ammoo haala Irreecharratti mul'atu kanaan saboonni yommuu waliin yommuu kabajan sirriitti akka baramaniifi mul'atan taasisuun hunduu xiyyeeffannaa akka itti kennuuf kan gargaaru ta'uu himu. Ummanni Gaamoo borumtaa jijjiirraa baraa "Yaawoo Masqalaa" kabajetti Irreecha kabajaa jiraachuusaafi ayyaanichas



Obbo Jaagoo Aganyaw

obbolootasaa Oromoo waliin kabajee dabuu kan himan bulchaan kun, Irreechas waliin kabajuun tokkummaa waliinii caalaatti cimsuuf akka gargaaru ibsu.

Isaanis Afaan Gaamootiin "Asaayi ubbaa ashuu Irreechas dasi das, Irreechaayi dhufaayis, Irreechaayi xossaa galatisaa, wada gidiraa gishi, be'ala gidita gishi" jechuun guyyaa nageenyaafi tokkummaa kan ta'e Irreechaan nagaan isin ga'e jechuun hawwii gaarii qaban ibsaniiru.

Doktar Mohaammad Nuriyyeemmo Naannoo Kibbaatti, Bulchaa Godina Alaabaati. Isaanis jilli godinaasaaniirraa dhufe ayyaana Irreecharratti hirmaachaa jiraachuu himanii, Irreechi ayyaana wajjummaa, tokkummaafi waliin ta'uu waan ta'eef duudhaaleen saboota Itoophiyaa akkanaammoo weerara aadaa addaddaatiin akka hinbadneef waliin kabajuu akka barbaachisu himu.

Ayyaanoota saboota waliin kanajuun tokkummaa daran cimsuun adeemsa Itoophiyaa ijaaruu keessatti shoora olaanaa akka qabu kaasanii, ummanni Oromoofi saboonni biroos ummanni Alaabaa Ayyaana jijjiirraa baraa 'Seeraa' dhuma ji'a Muddeetti



Doktar Mohaammad Nuriyye

kabajamurratti argamuun waliin kabajaa jiraachuu ibsu. Isaanis Afaan Alaabaatiin "Habay Irreechi kabajaa tobareetii rilishee" jechuun бага Ayyaana Irreechaa nagaan geessan jedhaniiru.

Beeksisa Caalbasii

Waajjirri Maallaqaa Aanaa Suluula Finca'aa meeshaalee kanaa gaditti tarreeffaman caalbasiidhaan bituu barbaada

Gosa Bittaa Dhiyaate

- Meeshaalee Barreeffamaa Meeshaalee Qulqulinaa fi Meeshaalee dhumata biroo.
- Ufata seeraa.
- Meeshaalee Elektironiksii Meeshaalee biiroo keessa (furniture).
- Meeshaalee jijjiirraa konkolaataa Gommaa, fi kalamandaarii

Kanaafuu, Namoota eyyama isaa qaban dorgomsiisee bituu waan barbaadeef namooni eyyama isaa qabdaniifi ulaagaa armaan gadii guuttan akka dorgomtan isin affererra.

Ulaagaalee Barbaachisan

- Eyyama daldalaa haara'e kan qabu fi Gibira bara 2015 kan kaffalee fi kaffalu isaa waraqa A/T/Galiwwan irraa kan dhiyeessu.
- Tarreeffama dhiyeessitootaa keessatti galmaa'aa kan ta'e
- Galmaa'aa VAT fi Tin No kan qabu ta'ee,
- Sanada caalbasichaaf barbaachisu Qar. 200.00 W/ra Galii Aanaa Suluula Finca'aatti kan hin deebine kaffalee w/ra Maallaqaa kutaa bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaatii bitachuu kan danda'u.
- Kabachiisa caalbasii sanada tokkOof 2% qabsiisuuf fedha kan qabu, maallaqaa Waligalaa Bittaaaf ittiin dorgomeen Maqaa Waajjira Maallaqaa Aanaa S/Finca'aan kan qabsiisu danda'u ta'ee caalbasiiin calalamee mo'atan erga adda bahee guyyaa 10 (kudhan) booda kan deebi'u ta'a.
- Kabachiisa waliigalteef qarshii Waliigalaa keessaa 10% kan qabsiisuuf fedha kan qabu ta'ee meeshaaleen inni mo'ate yeroo fi qulqulinaan erga dhiyeessu booda kan deebi'u ta'a.

- Dorgomaan meeshaalee mo'ate yeroo fi qulqulinaan yoo dhiyeessuu baate kabachiifni waliigalte fi kabachiifni Caalbasii dorgomaan qabsiise kan dhaalamu ta'a.
- Dorgomaan meeshaalee mo'ate samuda/sample/ dhiyeessuu qaba.
- Dorgomaan Meeshaalee mo'atetti qaamaan dhiyaatee waliigalte mallatteessuu qaba.
- Dorgomaan sanada kamiyyuu Orjinaalaa fi koppii Qofa qofaatti Poostaa gagaan saamse hunda isaa bakka tokkotti poostaa guddaan gagaan saamsee dhiyeessu qaba.
- Dorgomaan kamiyyuu Ulaagaa barbaachisaa ta'e hunda guutuu qaba.
- Daldalaan Meeshaalee mo'ate hanga Man-Kuusaa W/ra Maallaqaa /A/S/Finca'aatti kan dhiyeessu ta'a.
- Sanadi caalbasii guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa walitti aanaan 15f kan gurguramu ta'ee, Saanduqni caalbasii gaafa guyyaa 15ffaa sa'aa 8:00tti kan Cufamu ta'a.
- Caalbasichi guyyaa 15f qilleensaa irraa erga turee booda gaafa guyyaa 15ffaa bakka dorgomaan/bakka bu'aan seeraa jirutti W/ra Maallaqaa kutaa I/G/waajjiraatti sa'a 9:00tti kan banamu ta'ee dorgomaan sanada galchee baninsa isaa irraa yoo hafe caalbasicha banuuf kan hin gufachiifne ta'uu isin beeksifna.

Hubaachiisa

Waajjirichi gatii fooya'aa ykn filannoo biroo yoo argatee caalbasicha guutummanis ta'ee gar-tokkeen haquuf mirga guutuu qaba.

Dorgomaan baninsa caalbasii irratti yoo hin argamne caalbasicha banuuf hin gufachiisu.

Odeeffannoo Dabalataaf lakk. Bilb., 0917 08 09 74 Telegram @09 17 08 09 74 bilbiluun ni danda'ama.

Godina HO/Gu/Wallaggaatti Waajjira Maallaqaa Aanaa Suluula Finca'aa

Maxxansa Addaa

Ayyaana irreechaa baranaarratti gatiin meeshaaleefi uffata aadaa Oromoo dabaleera

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Kabaja ayyaana Irreechaa baranaan walqabatee gatiin meeshaaleefi uffata aadaa Oromoo hanga tokko dabaluu daldaltoonni damichaa baazaariifi egizibishinii Irreechaa Giddugala Aadaa Oromooratti hirmaatan ibsan.

Oromoon saba meeshaaleefi uffata aadaa mataasaa qabuudha. Dhalootni meeshaaleefi uffata aadaa mimmidhagoo godinaalee garagaraa hubatee akka addunyaaf hubachiisuuf agarsiisawwan adda adda qopheessuun barbaachisaa ta'uu Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Oromiyaa Obbo Abdullaakim Muluu hubachiisaniiru. Kaayyoon baazaariichaa Oromoon aadaasaan boonuu bira darbee meeshaaleefi uffata aadaa qabdu addunyaatti beeksisuun fayyadamummaa dinagdeessaa kan mirkaneessu ta'uus himaniiru.

Oromoon saba falaasama jiruufi jireenyaa mataasaaqabuufi meeshaalee aadaafi ammayyaa qalaqee ittijiraatuudha. Meeshaaleefi uffata calaqqee eenyummaa sabichaa ta'an ollaafis ta'e addunyaaf ibsuu bazaariifi egizibishiniin qopheessuuf dirqamuu Hogganaan Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Obbo Huseen Fayyisoo dubbataniiru.

Shamarree Taaddaluu Guddataa akka jettutti, waggoota sadan darbeen yommuu walbira qabu gatiin meeshaaleefi uffatni aadaa Oromoo dabaleera. Ammaan tana fedhii uffata aadaaf jiru Oromoo qofa osoo hintaane kan saboota biroollee dabalaa jira. Dizaayiniifi uffataan dabalusaatiin barana gatiin uffata tokko



giddugaleessaan qarshiin 300 dabaleera.

Haaluma walfakkaatuun Shamarree Caaltuu Geetachoo, kana dura saboota biroo mitii Oromoodhumti mataansaa fedhii inni uffataafi meeshaalee aadaasaa fayyadamuuf qabu

gad bu'aa akka ture yaadachistee amma garuu of beekuufi enyummaa ofiin boonuun sabichaa dabalaa dhufuun walqabatee gatiin meeshaaleefi uffata aadaa dabalaa jiraachuu ibsiteetti.



Artisti Tsaggaayee Dandanaa (Sayyoo)

Waldichi obbolummaa dagaagsuuf artistoota naannolee afeeruu ibse

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Tokkummaafi obbolummaan Irreechaa cimsuuf Waldaan Artistoota Oromoo artistoota naannolee kabaja ayyaanichaarratti akka argaman afeeruu beeksis.

Pirezidaantiin waldichaa Artisti Dandanaa (Sayyoo) kabaja ayyaana Irreechaa ilaalchisuun Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf Roobii darbe akka ibsetti, tokkummaafi obbolummaa dagaagsuuf artistoota naannoleef waldichi waamicha dhiyeesseera.

Artistoota waamichi dhiyaateef keessaa aartistoota naannoo Sidaamaafi Kibbaafaa ta'uu eeree, artistoonni kunneenis ayyaana Irreecha har'aafi bor kabajamurratti akka argamanis dabalataan ibseera.

Akka ibsasaatti, seenaa, aadaafi duudhaan Irreechaa hojii aartiin ifa ba'ee hawaasa addunyatti akka mul'atuuf waldichi hojiiwwan garagaraa hojjechaa jira. Aartii Oromoo yoo guddate guddina ayyaanichaa mul'isuu irra darbee tokkummaafi obbolummaa Oromoon sabootaafi sablammoota biroo waliin qabu dagaagsuu keessatti shooraa olaanaa qaba.

Artistoonni Oromoos ayyaanota naannolee ollaasaanii irratti argamuun aartiisanii wayita dhiyeessan duudhaan jaalala, tokkummaafi araaraa irreecha keessaa jiru sadarkaa biyyaalessaatti guddachaa deema. Kanaafis, waldichi artistooti Oromoo seenaafi duudhaa Oromoo sirriitti hubatanii akka hojjetaniif hojiiwwan hubannoon artistootaa gabbisuu hojjetaa jiraachuu ibseera.

Aartisti Sayyoon aadaafi aartiin garaagara ta'uu himee, yeroo ammaa aadaan Oromoo sirna cunqursaa jalaa ba'ee abbaa godhateera. Kana booda, aadaan hir'isuunis ta'e itti dabaluu hindanda'mu. Kanaaf, artistoonni seenaafi duudhaa hawaasichaa hubachuun seenaa qoratani hojii kalaqaasaanii itti dabalani hojii aartiiratti akka hirmaataniif hojjetamaa jiras jedheera. Miseensota waldichaa kuma sadiif hojii piroofaayila qopheessuu, ga'umsaa ogummaa kalaqaasaanii mirkaneessuu, qamolee garagaraa waliin walitidhufeenya gaarii akka qabaataniif waraqa deggersaa kennuun hojiiilee hojjetaman akka fakkeenyaatti kaaseera.

Ta'us kaffaltiin yuutuubirraa argamuufi xiyyeeffannaan mootummaa aartiif kenne laafaa waan ta'eef sirbootni ayyaana Irreechaa baranaarratti ba'an ga'aa akka hintaane ibsaniiru.

Hooliwwuufi Nooliwwuud Ameerikaafi Naajeeriyaatti galiin irraa argamu guddaa ta'uu himanii; akkuma kana irreechi akka guddinasattii akka hawaasa addunyaa biratti beekamuuf abbootii qabeenyaa aartiiratti investi gochuu akka qaban dhaameera.

Oromoo marti keessumoota ayyaana Irreechaa baranaarratti argaman kabajaafi jaalala ta'uusaa akka calaqqisiisuu waamicha dhiyeesseera.

"Kabajni Ayyaana Irreechaa guyyaa garagaraa taasifamu guyyaa beekamaa tokkoon dabaalamuu qaba"

- Obbo Alamaayyoo Hayilee

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Irreecha yeroofi bakka garagaraatti kabajuun akkuma jirutti ta'ee guyyaa Irreechaa Oromoo sadarkaa addunyaatti beekamaa ta'e tokko murteessuun barbaachisaa ta'uu Giddugala Aadaa Oromootti Daarektarii Aadaafi Seenaa Obbo Alamaayyoo Hayilee ibsan.

Hayyuun kun Wiixata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf yaada kennaniin akka jedhanitti, Ayyaana Irreechaa 'UNESCO'tti galmeessuufis ta'e tokkummaa sabichaa cimsuuf guyyaafi bakki Irreeffannaa beekamtii idiladdunyaa qabu tokko barbaachisaadha.

Ummatni Oromoofi kanneen qarqara Laga Abbayyaa jiraatan waggoota kumaatama hedduun dura booruu gannaa ba'anii booqa birraatti ce'uusaaniif uumaa galateeffachaa turuu yaadachiisani; sirni galateeffannaa kun dhiibbaawwan garagaraarraa kan ka'e



bifa bittinnaa'een waan tureef beekamtii argachuu dhabe turuu dubbataniiru. Waggoota 30 as Hora Harsadeetti ayyaannichi bakka tokkotti bifa ho'aadhaan kabajamuun hanga tokko beekamtii gonfachiisus ammayyuu aadaan bifa bittinnaa'een irreeffachuu akka hinfuramne eeranii, ammas akkuma bara durii sana sirni irreeffannaa Masqalli ba'ee guyyaa 3ffaa irraa eegalee bakka garagaraatti taasifamaa jiraachuu akka hanqinaatti kaasaniiru. Gumiin Abbootiin Gadaas asirraati of ilaaluu

akka qabu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, hawwata turizimiif jecha Irreecha Hora Finfinnee, Hora Harsadee, Malkaa Ateeteefi kanneen biroo guyyoota garagaraa kabajuun maalummaa Irreechaa hinmiidhagsu. Irreechi irree waloo waan ta'eef gandatti gadbu'uun araddaa hundarratti irreeffachuun tokkummaa hincimsu. Kana jechuun garuu araddaa ofiiratti irreeffachuun rakkoo qaba jechuu akka hintaane hubatamuu qaba.

Ayyaanni Irreechaa faajjii eenyummaa Oromoo bira darbee faajjii tokkummaa ummatoota biyyattii ta'uus himanii, ayyaanni kun garaagarummaa aadaa, amantiifi sabummaa malee kan tokkummaan waliin kabajamu ta'uu ibsaniiru. Ijaarsi Gumii Abbootii Gadaallee amanti hunda kana hammate ta'uu dubbataniiru. Guyyaan irreechaa guyyaa walarguu ummatoota biyyattiifi guyyaa turizimii ta'uu kan himan Obbo Alamaayyoon irreeffannaan dura

Gara fuula 21tti

Maxxansa Addaa

Magaalota akka Finfinneefi Bishooftuutiif humna dinagdee dabalataa ta'aa kan jiru; kabaja ayyaana Irreechaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Ayyaanotni addababa'itti namoota hedduun kabajaman Irreecha dabalatee carraa aadaa ofii ibsachuufi warra hinbeekneef barsiisuu cinatti, hawaasa magaalaa Finfinneetiif faayidaa olaanaa ta'e qabu. Keessattuu ayyaanotni akka Irreechaa ummata karaa dheeraa imaluudhaan gara magaalatti galuun kan kabajamu waan ta'eef ayyaanicha guyyuma sana dhufanii kabajanii yeroma sana ofirra deebi'uu hindanda'an. Kana jechuun immoo ayyaanicha kabajuudhaaf yookan dursa dhufanii as buluu yookiin immoo kabajanii bulanii galu jechuudha.

Akkuma magaalattii keessa oolani bulaniin immoo nyaataaf, dhugaatiif, sireefi wantoota isaaniiif barbaachisu hunda daldalaafi dhiheessitoota tajaajilaa magaalattiirraa fayyadamu. Kunis sochii dinagdee magaalattii si'eessuu keessatti shoora olaanaa akka qabaatu taasisaa jira.

Namootni ayyaana kabajuuf gara magaalatti dhufan kamuu baasii malee magaalattii keessaa kan hinbaane ta'uu kan himan Pirezidaantiin Waldaalee Abbootii Qabeenyaa Hoteelotaa Aade Aster Solomoon, torbaan tokkorraa kaasee hanga guyyoota lamaatti magaalattii keessa waan turaniif faayidaan ayyaanota akka irreechaa kun dinagdee magaalattii keessatti qaban olaanaa ta'uu dubbatu.

Tajaajila nyaataafi dhugaatii dabalatee tajaajiloota akka iddoo bultii kan magaalattiitti kan kennu Hoteelota magaalattii keessa jiran waan ta'eef, kallattiidhaan ayyaanota akkanaa kanarraa kan fayyadamanis isaanuma waan ta'eef ayyaanota akkasii hawwii guddaadhaan kan eegan ta'uus himaniiru.

Akka ibsasaaniitti, kabaja Ayyaana irreechaa baroota darbanii irraa Hoteelootni magaalattii barnootaafi muuxannoo guddaa kan fudhatan yemmuu ta'uu, ayyaanota baroota darbaniiiratti kenniinsa tajaajila Hoteelotaatiin walqabatee hanqinoota turan fooyyessuudhaan cimnoota turan immoo daran cimsuudhaan ummanni ayyaanicha kabajuuf naannolee biyyattii gara garaarraa akkasumas biyyoota adda addaarraa gara Finfinnee dhufu rakkoo tokko malee miira sirba ayyaanichaa irratti isa dadhabe iddoo bultii gaarii ta'erratti akka boqatuuf qophiin gahaan taasisamee jira.

Gatii tajaajila nyaataafi dhugaatii akkasumas siree hoteelotaatiin walqabatee daballiin taasisamu tokkos kan hinjiraanne yemmuu ta'uu, abbootii qabeenyaa Hoteelotaa kabaja ayyaana kanaa qofa sababeffachuudhaan daballii gatii taasisan immoo seeraan gaafachuuf duubatti hinjedhamu.

Kana waan ta'eef keessummootni ayyaanichaaf gara magaalatti dhufanis haalli akkanaa yoo isaan muudate qaamota seeraa naannawa sana jiranitti beeksisuudhaan hojii qaamota akkanaa saaxiluu keessatti shooraasani bahachuu qabu.

Hoteelootni keessummootni keessatti tajaajilamaniif siree keessatti qabatan, alaaba ayyaanichi heeyyamuuf sirboota ayyaanichi heeyyamu, akkasumas nyaatota aadaa keessummoonni sun barbaadan dhiheessuudhaan tajaajillisaanii guutuun akka ayyaana fakkaatu taasisuudhaafis waliigaltee cimatu jira.

Kana qofa osoo hintaane, hojjattootni hoteelota keessummoonni keessatti boqataniif tajaajila achirraa argataa jiran dhiheessanis uffata aadaa



Ayyaanni Irreechaa dadammaqina dinagdee keessatti shoora olaanaa qabaata

ayyaanichi gaafatu uffachuuniifi ergaawwan "baga nagaan dhufan!" jedhu dabalatee meeshaalee aadaa harkatti baatanii keessumoota simatu.

Hoteelli kamuu ayyaana kana sababeffachuudhaan gatii dabalataa akka hinkanfalchiifne kan dhorku seera qofa osoo hintaane, ogummaafi kaayyoo bizinasii sirnaan hubachuu ta'uu akka qabu kan himan Aade Aster, ummanni gara magaalatti kabaja ayyaana kanaatiif dhufu baay'ina waan qabuuf tajaajila bal'aa kennurraa fayyadamuun waan danda'amuuf gatii dabaluu bara ittaanuufis keessummootni akkasaniitti hindhufneef ofirraa dhiibuu ta'uu dubbatu.

Kun immoo adeemsa hojimaata bizinasii wallaalu qofa osoo hintaane, seeraan kan nama adabsiisu akka ta'e waan hubatamuuf waan akkanaa keessa ni galama shakkii jedhu hinqabnu.

Kanaan dura hoteelotni magaalattii ayyaanota akkanaarraa fayyadamaa waan hinturreef ayyaanota akka walga'ii Afrikaafi ayyaanota idilAddunyaa kanneen biraarraa qofa argachaa turte. Waggoota dhihoos as garuu Irreecha dabalatee ayyaanotni addababa'ii Finfinneerratti kabajaman heddummaataa waan jiraniif, walirraa barachuu aadaa qofaaf osoo hintaane, sochii dinagdee magaalattii si'eessuudhaafis shoora olaanaa kan bahataniidha.

Ummanni magaalattii immoo faayidaa olaanaa ayyaanota akkanaa kanarraa magaalattiin argattu qixa sirrii ta'een hubatanii, cufamuu daandiis ta'ee haalota ayyaanota akkanaa

midhagsuuf uumamuu danda'an hunda obsaafi birmannaadhaan cinaa dhaabbachuu qabu.

Hoteelota magaalattii keessaa kanneen keessummootni baay'inaan keessa qubatu jedhamee yaaddamuufi dursanii iddoo achitti qabatan qofaa osoo hintaane, hoteelootni xixiqqoon magaalattiif suuqonnis ummata baay'inaan gara magaalatti dhufu kanarraa fayyadamoo waan ta'aniif, keessummoota fuula gaarii ta'een simatanii tajaajila quufsa ta'een akka gaggeessaniifis dhaamsa dabarfatanii.

Bishooftuun kabaja ayyaana irreechaa dabalatee turistoota qabeenya uumamaa magaalattiin qabdu daawwachuudhaf dhufan sirnaan keessummeessuudhaan yeroo yaadanii dhufanii ol akka turaniif hojjatamaa jiraachuu kan himan immoo Kantiibaana Ittaanaa Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu Obbo Gazzaahanyi Dajanee, caalaatti magaalattii giddu gala Konfireensi turizimii taasisuuf hojiiwwan misoomaa gara garaa hojjetamaa jiraachuu dubbatanii.

Magaalaan Bishooftuu magaalaa tursitoonni biyya keessaafi alaa baay'inaan daawwatan qofaa osoo hin taane, hora hangafaa Finfinneetti aantee Irreecha birraatiinis keessummoota hedduu gara magaalattiitti kan harkiftu ta'uu kan himan Obbo Gazzaahanyi, kabaja ayyaanichaatiifis ta'ee turistoonni sababoota garaa garaatiin magaalicha daawwachuuf dhufan magaalicha keessa yeroo dheeraa akka turaniif xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Akka ibsasaaniitti; Qabeenya uumamaa



Obbo Gazzaahanyi Dajanee

hawwato ta'an kan magaalattiin qabdu fayyadamuun magaalaa Konfiraansii Turizimiif filatamtu akka taatuuf hojiiwwan misoomaa hedduun hojjetamaa turan keessaas daandii gara iddoo kabaja ayyaanaa geessan qulqulleessuufi babal'isuun, bu'uraalee misoomaa dhimma kanaaf barbaachisan dhawata dhawataan guutuuniifi hawaasni magaalattii sadarkaadhaan jiru immoo turistoota gara magaalasaaniitti dhufan kanneeniif tajaajila barbaachisu dhiheessuudhaan ofiifis fayyadamuu qabu.

Keessayyuu bakka gahumsa turistootaa misoomsuufi sadarkaasaniif fooyyessuu akkasuma haala kenniinsa tajaajilaa jiru ammayyeessuuf hojiiin hojjetamaa turanis hedduudha.

Hojiiin magaalaa bishooftuu giddu gala turizimii konfiransii taasisuuf hojjatamu kun immoo qaama tokko qofaan milkaa'uu kan danda'uu waan hin taaneef, qindoomina mootummaafi damee dhuunfaatiin raawwatamaa jira.

Hojiiwwan hojjetamaa jiran keessaas waliin gahinsa daandii aspaaltii keessa keessaa babal'isuun, tajaajila elektirikii gahumsa qabu diriisuuniifi waliin gahiinsa tajaajila bishaan dhugaatii babal'isuun isaan akka fakkeenyaati eeramuu danda'aniidha.

Akka waliigalaatti yemmuu ilaalamu magaalattiin yeroo ammaa akka pirojeektiitti naannoo birrii biliyoona afur invasti gochuudhaan kaayyoo guddaa magaalattii giddu gala konfiransii turizimii taasisuuf qabame milkeessuuf hojjatamaa jira.

Ayyaana Irreechaa waggaatti yeroo tokko haroo magaalichaa keessaatti argamu Hora Arsadiitti geggeeffamus maqaa gaarii magaalichaa ijaaruun cinaatti magaalichaaf madda galii guddaa waan ta'eef kana caalaatti cimsuuf hojjetamaa jiraachuu kan himan Obbo Gazzaahanyi, ayyaana irreechaa miilana kana qofaan namootni miiliyoona shanitti laakka'aman gara magaalattiitti ni dhufu jedhamanii kan tilmaaman ta'uus dubbatanii.

Walumaa galatti: ayyaanni Irreechaa eenyummaa Oromummaa ganamaa sabaafi sablamoota biyyattii garaa garaa barsiisuudhaan akka sabootni biraas Oromoo waliin kabajan taasisuu bira darbee, jiraattota magaalota ayyaanichi keessatti kabajamu kanneen akka Magaalaa Finfinneefi Bishooftuutiif immoo galii dabalataa uumuudhaan sochii diinagdee magaalota kanaas deeggarraa jira.

Jiraattotni magaalota kanneenis faayidaa achirraa argatan hubachuudhaan keessummoota gara magaalota kanneeniitti dhufan sirnaan simatanii gaggeessuu qabu.

Maxxansa Addaa

Irreechi kan Itoophiyaanotaa qofa osoo hintaane kan Afrikaanotaati

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ayyaanni Irreechaa tokkummaafi obbolummaa biyyattii cimsuu bira darbee ayyaana Afrikaanotaa ta'uu hayyootni Marii Gumii Balal 34ffaa irratti hirmaatan himan. Ayyaanni Irreechaa uumaa galateeffachuurra darbee yaadarimee bal'aa qabaachuus ibsaniiru.

Ministirri Aadaafi Ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa maricharratti haasaa taasisanii, Irreechi ayyaana aadaafi amantaan osoo hin daangeffamin Oromoon bacaqii gannaa ba'ee booqaa birraatti ce'uusaaf tokkummaan uumaaf galata itti dhiyeesuusdha.

Akka ibsasaaniitti, Irreechi ayyaana araaraafi waliin nyaachuun ayyaaneffatan waan ta'eef tokkummaa hawaasa Oromoo cimsuurra darbee tokkummaafi obbolummaa saboota kaanii jabeessuuf shoorra olaanaa qaba. Guyyaa irreeffannaa kan namaan waldhabe hundi araaramee gara malkaa waan deemuuf irreechi mala waldhabdee ittiin furaniifi egeree hariiroo hawaasaa ittiin cimsaniidha.

Hayyuun Yuunivarsitii Jimmaa Doktor Darajee Fufaa barreeffama ka'umsa marichaa dhiyeessan keessatti, ayyaanni irreechaa ayyaana nagaan, gammachuu, araaraafi tokkummaa ta'uu ibsaniiru. Hiikaan irreechaa sirna galateeffannaa jechuun hayyootaa haga ammaatti itti kennameen olititti yaadarimee bal'aa kan qabuufi qorannoo bal'aa akka barbaadus ibsaniiru.

Hayyuun seenaafi Daarektarii Paarkii Tokkumma Doktor Taammiraat Hayilee gamasaaniin ayyaanni Irreechaa ayyaana namoota hunda malkaarraatti walitti fiduun obbolummaa cimsuudha jedhan. Daawwatoota biyyoota ollaarraa walittifiduun tokkummaafi obbolummaa cimsuun duudhaa Afirkaanotaati ittin boonan ta'uus eeran.

Bishaaniifi biqiloota (uumama) waliin hidhata waan qabuuf misooma dinagdee



Hirmaattota waltajjichaa

keessattis shoorra olaanaa qabaachu himanii; madaallii uumamaa (bishaaniifi biqilootaa) eegamuun irreechi madda nagaan ta'uu agarsiisa jedhaniiru.

Barataan digirii 3ffaa sirna Gadaa, bulchiinsaani hayyuun seeraa yunivarsitii Bulee Horaa Geetaachoo Taaddasaa gamasaaniin, ayyaanni irreechaa ayyaana Oromoon tokkummaan eenyummaafi jaalala obbolaa sabasaafi sabootaa ollaa waliin qabu itti ibsatuudha.

Akka ibsasaaniitti, Irreechi falaasama Oromoo madaallii uumamaa eeguu qabuufi gara fuulduraattis ittifufuudha. Oromoon gaafa irreeffatu uumaa (Waaqa), umama (munyuuqaa lafarraa, bishaaniifi biqiloota) fi ummata (anaafi si'i) walittifiduun qaamoleen sadan nagaan waliin qabaachu agarsiisa jedhaniiru. Bineensi bosonaa, bosonaa ba'ee yoo nama nyaate namaafi uumama gidduu rakkoon akka jiru agarsiisa

jechuun akka fakkeenyaatti kaasanii.

Akka falaasama Oromootti, Oromoon Waaqa waliin kakuu gale qaba. Oromoon tokko jiaachuuf jedhee bineensota bosonaafi biqiloota mancaasuu hin qabu. Yoo mancaase balaa hongee ykn lolaan yeroo miidhamu mul'istuu uumama waliin walitti bu'uu akka ta'etti hubata. Balaa walfakkaataa jalaa miliquuf guyyaa irreeffannaa ollaa, hiriyyaa, biyyaafi uumama waliin araara kan buusun kanaaf akka ta'e ibsaniiru. Taateen kunnen irreechi mallattoo nageenyaa ta'uu agarsiisa jedhaniiru.

Ragaa haga ammaatti jiruun ayyaanni araaraafi tokkummaan guyyaa tokkotti namooti miliyoona shanii ol bakka tokkotti sassaabamuun ayyaaneffatamu irreecha qofaa ta'uu himanii; saba sablamootaafi daawwattoti (tourist) biyyoota ollaarraa irratti hirmaachuun duudhaa waloominaa



Suuraan EPA (Iyyoob)

Doktar Darajee Fufaa

sirna Gadaa babal'isuun ayyaana Afrikaanotaa ta'ee 'UNESCO'tti akka galmaa'uuf hunduu gumaacha irraa eegamu ba'uu qaba jedhaniiru.

Irreecha Hora Harsadee boriirratti namoonni miliyoona shanii ol ni hirmaatu jedhamee eegama

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Irreecha Hora Harsadee bor Bishooftuutti kabajamurratti namootni miliyoona shanii ol ni hirmaatu jedhamee akka eegamu Bulchiinsi Magaalichaa beeksise. Kabaja ayyaanichaafis qophii barbaachisu taasisuus ibseera.

Kantiibaa Ittaanaan Bulchiinsa magaalichaa Obbo Gazzahaanyi Dajanee ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf dheengadda kennaniin, Irreechaa Hora Harsadee Fulbaana 27 magaalaa Bishooftuutti kabajamuuf keessummoota ayyaanichaa simachuuf bulchiinsi magaalaa Bishooftuu qophii

tajaajila hoteelotaafi iddoo bultii barbaachisu taasisuu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, bakka irreeffaannaa qulqulleessuu, tajaajila hoteelaa, nyaataafi dhugaatii dabalatee guutummaadhaan dhiyeesuuf qoppiin taasifameera. Nageenya ayyaanichaa mirkaneessuuf qaamolee nageenya kabachiisan sadarkaa naannoofi federaalaa, jiraattota magaalaa Bishooftuufi Foollee waliin qindoominaan hojjetamaa jira.

Dabalataanis, jiraattoota magaalaa waliin marii bal'aan geggeeffamuu himanii, daandiiwwan guguddoo bakka irreeffannaatti geessan meeshaalee teknolojii nageenya to'ataniifi kaameeraan garagaraa gidduu



Irreecha Hora Harsadee

magaalaa irraa eegalee hordoffiifi to'annoon akka geggeeffamu ibsaniiru.

Bakki irreeffannaa abbootii Gadaa, Haadholii Siinqeefi Foollee waliin ta'uun qulqulleeffamuu himanii, hoteeloti magaalichatti tajaajila kennan gatii dabaluu rakkoon tajaajilaa akka hinuumameef abbootii qabeenyaa waliin marii bal'aan taasifamuu eeru.

Bakkeewwan tajaajilli nayaataafi dhugaatii ittikennamu akka hinhanqanneefis bulchiinsi magaalichaa jiraattota magaalichaa walitti qindeessuun bakkeewwan tajaajilli itti kennamu 11 qophaa'uu himu. Irreechi cimee hawaasa addunyaatti akka mul'atuuf duudhaaleesaa eegani, tokkummaafi obbolummaan kabajuu akka barbaachisus ni dhaamu.

Maxxansa Addaa

Irreechi galii toteelotaa dabaluu keessatti shoora olaanaa qaba

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Hoteelotni Finfinneetti argaman keessumoota alaafi keessaa simachuurratti kan argaman ta'uu Waldaan Abbootii Hoteelaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee beeksise.

Ittigaafatamtuun waajjira waldichaa Aade Efraataa Abaataa ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf Roobii darbe kennaniin akka jedhanitti, ayyaana irreecha sababeeffachuun namoota miliyoonotaan lakkaa'amantu biyya keessaafi alaa gara Finfinnee waan dhufaniif ayyaanichi galii hoteelotaa dabaluuuf shoora olaanaa taphata. Hoteelotni Finfinnee keessa jiranis hirmaattotni ayyaanichaaf mana bahaniiti tajaajila argachuuf yoommuu hoteelota seenan akkuma qe'eesaaniitti akka fudhataniif fuula ifaadhaan simachuu eeraniiru.

Waldichi Irreechas ta'e ayyaanota guguddoo miidhagsuuf humna guddaa qaba kan jedhan Aade Efraataa; hoteelota abbaa urjii tokko hanga abbaa urjii shanii kan ta'an hoteelota 178fi waliigalatti hojjetoota kuma 20 ol of jalatti hammatee jira jedhaniiru.

Waldichi irreechi yoommuu kabajamu



hoteelotni qixa isaanirraa eegamuun qophii barbaachisaa taasisuun hirmaattota ayyaanichaaf tajaajila barbaachisaa guutuu kennuuf qooda fudhatoota irreechaa waliin hojjechuuf fedhii guddaa qabaatus, qooda fudhattotni karaa qindaa'en hojiin isaan hoteelota waliin hojjechaa jiran gahaa miti jedhan.

Akka ibsa Aade Efraataatti hoteelotni magaalicha keessa jiran nyaataafi dhugaatii ayyaanicha waliin deeman hirmaattotaafi

dhiyeessuun ayyaanicha bareechuuf humnas fedhiis qabaachuu eeraniiru.

Qooda fudhattotni waldicha waliin akka barbaachisutti kan hojjetan yoo ta'e, hirmaattota ayyaanichaaf gatii madaalawaan tajaajilawwan barbaachisoo kennuun kan danda'amu ta'uuse ibsaniiru.

Waldichi yaa'insa turizimii biyya keessaa dabaluu hoteelotni gahee irraa eegamu akka bahaniif deeggarsa bal'aa taasisaa jira.

Irreechi riqicha sabaafi sablammoota biyyattii walitti fiduudha

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Irreechi riqicha sabaafi sablammoota walitti fidu akka ta'e bakka buutotni sabafi sablammoota garaagaraa ibsan.

Bakka buutotni sabootafi sablammoota garaagaraa kaleessa Fooramii Irreechaarratti hirmaatan ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, irreechi amalumsaatiin jaalala, dhiifama, araaraafi tokkummaa waan leellisuuuf sabaafi sablammoota biyyattii walitti hidhuu keessatti shoora olaanaa tapha.

Hogganaan Biiroo Aadaafi Tuurizimii Naannoo Tigraay Doktor Atsibahaa Gabraziabeer akka jedhanitti, ayyaanotni aadaafi aartiin uumamaan sabootaafi sablammoota gidduutti hariiroo gaarii uumuuf humna guddaa qabu.

Ayyaanotni sabootaafi sablammoota biyya kanaa maddisaanii garagara ta'anis akka biyyaatti qabeenya biyyattiiti kan jedhan Doktor Atsibahaan; ayyaanota kanneen yoo qixa sirriin itti fayyadamne akka biyyatti faayidaan isaan qaban olaanaadha jedhaniiru.

Torbee muraasa dura Ayyaana Ashandaa Tigraayitti kabajamerratti jilli Aadaa Naannoo Oromiyaa gara Maqaleetti imalee akka ture yaadachiisanii; haaluma walfakkaatuun jilli naannoo Tigraayis irreecharratti hirmaachuuf gara Finfinnee dhufusaa ibsaniiru.

Biirron Aadaafi Tuurizimii Naannoo Tigraay, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaafi Komishinii Tuurizimii Oromiyaa waliin hariiroo gadi fagoo uumaa jira kan jedhan Doktor Atsibahaan; ummata Tigraay waraanan miidhame deebisnee dhaabuuf, fuula gaarii biyyattii ol qabuufi naannoleen lachuu seektara tuurizimiiirraa galii argachuu qaban akka argatan gochuuf hojjetamaa jiras jedhaniiru.

Hogganaa Ittaanaa Biiroo Aadaafi Tuurizimii Naannoo Sidaamaa Obbo Daawwit Dangisoo gamasaaniitiin akka jedhanitti, uummatni Oromoofi uummatni Sidaamaa tokkoodha. Kabajafi jaalala uummata Oromoof qabu ibsuuf jilla aadaa Sidaama kan miseensota 60 qabu ayyaanicharratti hirmaatera.

Sabni Sidaamaafi Oromoo daangaa bal'aa waliin qooddata kan jedhan obbo Daawwit; Saboota lameen kana gama aadaa, afaaniifi misoomatiin walitti hidhuuf hojii bal'aa hojjetamaa jiras jedhaniiru.

Hogganaan Waajjira Qajeelcha Aadaa Godina Gamoo Obbo Munaayyee Osolee gamasaaniitiin, irreechi jaalalafi tokkummaadha jechuun hariiroo gaarii uummata Gaamoofi Oromoo gidduu ture kan sababa walitti bu'iinsa uumameen laalaafaa dhufe cimsuuf ayyaanicharratti Sabni Gaamoo akka hirmaachuun saboota lameen gidduutti jaalala barootaf ture deebisuuf kan gargaare ta'uu dubbataniiru.

Kabaja Ayyaana Irreechaarraa galiin qarshii biliyoona 10 ni argama

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Kabaja Ayyaana Irreechaa Hora Finfinneefi Hora Harsadee irraa galii qarshii biliyoona 10 argachuun akka danda'amu Komishiniin Turizimii Oromiyaa beeksise.

Daarektarii Kominikeeshinii komishiinichaa Obbo Ifabaas Abdulwahaab ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, kabaja ayyaana irreechaa magaalaa Finfinneefi Bishooftuutti har'aafi bor adeemsifamurratti namootni hanga miliyoona 10 ni hirmaatu jedhamee akka eegamuufi namoota biyya keessaafi alaa ayyaanicha kabajuuf gara magaalota lamaanitti imalan tajaajila nyaataa, dhugaatiifi kanneen biroof qarshii biliyoona 10 baasii ni taasisu jedhamee eegama.

Komishinichi ayyaanicha sababeeffachuun turistootni biyya alaa gara biyyattii akka dhufaniif hojiin ayyaanicha beeksisuufi turistoota dhufaniif haala mijataa uumuuf qooda fudhatoota garagaraa kanneen akka Ministeera Dhimma Alaafi Daandii Qilleensa Itoophiyaa waliin qindoominaan hojjechaa akka tures ibsaniiru. Irreechi ayyaana guddaa akka Afrikaatti



namootni miliyoonotaan lakkaa'aman irratti argamaniidha kan jedhan Obbo Ifabaas, turistoota dhuunfaasaaniitiin dhufan qofa osoo hintaane waamicha hirmaannaa Irreechaa biyyoota garagaraaf taasifameen turistootni hedduun biyya alaarraa ayyaanicharratti hirmaachuu akka danda'aniif haala mijawaan uumameera.

Kana malees, Torbee Irreechaa jedhani moggasuun torbanicha keessatti ayyaanichi sagantaa garagaraatiin bakkeewwan hedduutti akka kabajamu taasisuun

hojiiwwan hojjetamaa jiranis baay'inni turistoota ayyaanicharratti argamaniin akka dabaluu ni taasisa jedhaniiru.

Baatiin Fulbaanaa akka addunyaatitti baatii turizimii ta'uu eeranii, baaticha keessa kabajamuun ayyaanichaa mataasaatiin turistootni baay'een akka irratti argamaniif carraa gaarii ta'uu himaniiru.

Galiin taateewwan Ayyaana Irreechaatiin walqabataniin geggeeffamanirraa argamu olaanaadha

Maxxansa Addaa

Baga ayyaana Irreechaa nagaan geessan!!

Eenyummaa sabdaneessaan kan faayamte Finfinneetti fooramii Irreechaa 5ffaa gaggeessinee jirra.

Irreechi, ummanni Oromoo uumama miidhaqsee uume kan ittigalateeffatuufi itti kabaju, kan waldhabe waldhibdee isaa kan araaraan itti hiiku, ibsituu nagayaa, waloomaafi tokkummaati.

Jiraattoonni magaalaa keenyaa keessummoota karra shananiin gara Finfinnee galan waan of harkaa qabaniin jaalalaan simachaa obbolummaa sabdaneessummaa gochaan agarsiisuun Finfinnee fakkeenya Itoophiyaa ta'ushee raggaasisaniiru.

Irreechi haawwata turizimiifi gama galii guddisuutiin gahee guddaa qaba. Bulchiinsi magaalaa keenyaatis keessummoota hedduu ayyaanicharratti hirmaachuuf biyya alaattirraa dhufan kabajaan keessummeessaa jira.

Gochaawwan duudhaafi sona Irreechaa hintaaneefi agarsiifamuu hin qabaanne taasisuurraa of qusannee ayyaanicha jaalalaan, tokkummaafi bifa ho'aa ta'een akka kabajnun



waamichakoo dabarsa.

Abbootiin gadaa, haawwan siinqee, foolleewwan, hoggansi keenya hundi,



qaamoliin nageenyaa, miseensoonni raayyaa nageenya keenyaafi jiraattoonni magaalaa keenyaa hundi waan taasistan

hundaaf isin galateeffachuun barbaada. Waaqni Itoophiyaafi ummata ishee yaa eebbisu!

«Ummata Oromoo maraan baga Irreecha bara 2016 nagahan waliin nu gahe»

- Afaya'ii Caffee Ormiyaa Addee Sa'aadaa Abduraman

Irreechi guyyaa galataati. Sabni guddaan hidda latiinsa Kuush, Gaanfa Afrikaa irra jiraatu, Oromoon waaqa marga magarsee firiin badhaaseef, waaqa namaafi uumama hundaaf nagaa kenneef birraa barii galata qabatee irreeffannaaf malkaatti baha.

Irreechi calaqqee sirna Gadaati. Sirna dimookiraasiifi bulchiinsa ammayyaa, falaasama addaafi sirna waa maraan badhaadhedha. Irreechaan hariiroo uumaafi uumamaa gidduu jiru, iccitiin uumaan uumamaaf gumaache kan ittiin beeksifamu, leellifamuufi dhugeeffamudha.

Waktii gannaa, rooba samii bu'uun dacheen magariisa uffatti; lagnis guutuun hawaasa gamaa gamanaa adda baasa. Qonnaan bulaan keenyas, oyirusaa qotatee lafa roobaan jiidhe irratti sanyii facaafata. Sanyii biqiles aramatee kunuunsee abdiisaa boruuf wabii taasifata. Mul'ataafi abdiif of keessatti qabatee kan imalu ganni gurraachi kun, barii birraa quufa arjoomuun abdiif hawwiin eegamaa jirtu dhugomsa.


Birraan maree dhufu, quufaafi gabbinaan leellifama. Daraaraan asheete bilchaatee firii godhata. Soorata namaafi horii, lubbu qabeeyyiiwwan hundaa ta'uun quufa labsa. Mul'anni kaleessa ummanni keenya dukkana gannaa keessa taa'ee of

fuulduratti abdiif ilaalaa tures ni milkaa'a. Lagni boora'ee tures taliilee ijaafi qalbii hawwata. Wayita kanatti, Oromoon galata qabatee malkaawwan ulfoo naannoo isaatti argamanitti bahee irreeffachaa ture.

Malkaanis uumama addaa uumaan dhala namaaf arjoomedha. Oromoon Irreecha malkaatti bahee wayita irreeffatu uumama rabbiif galata qabatee biyya keessaafi alaa walitti dhufee, uumama miidhagsee tolchee guyyaa kanaan isa gahe dinqiisifata. Gammachuufi abdiif gara fuula duraatti qabuufis kadhata dhiyeeffata. Guyyaa kabajamaafi jaallatamaa kanas milkiin waliin dabarsa.

Irreechi Irree keenya; irreen gamtoome furmaata rakkoo maraati. Irreechi bu'uura hawaasummaati. Waloomaan waliin jiraachuu gabbisa; gamtaan waliin dhaabbachuu dirqisiisa; obbolummaa leellisaa; walqixxummaa labsa. Irreechi saboota, sablammootaafi ummattoota biyyaa hedduun dabaalamee hawaasa miiliyoonota hedduu hirmaachisuun kabajamaa jiru kun, hariiroon obbolummaa, tokkummaafi jaalalaa, akkasumas, waliin jireenyaa Oromoon ollaa isaa waliin qabu caalmaan kan jabeessudha.

Duudhaaleen gaggaariin bu'uura



hawaasummaafi tokkummaa sabdaneessummaa ta'an Irreecha keessan akka bakkalchaatti ifanii mul'atu.

Irreechi bara kanaas, miidhaginaafi hawwattummaa isaa osoo gadi hin lakkisiin, duudhaafi aadaa Oromoon faayamee, sonaafi sirna, akkasumas, naamusa ittiin gaggeeffamuun akka raawwatamuuf hunduu qooda isaa bahachuutu irra jiraata.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas, duudhaaleen ummata keenyaa, qabeenya tuuriizimiif bu'uura ta'uun madda diinagdee akka ta'aniif xiyyeeffannoo

addaa kennee hojjechuu irratti argama. Caffeen Oromiyaas, hambaaleen aadaafi duudhaaleen ummata keenyaa sirnoonmanii jiruufi jireenya hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa keessatti caalmaan bahanii akka mul'ataniif qooda irraa eegamu gumaachuu irratti argama.

Qabeenya waloo keenyaa kan ta'e Irreechi ibsituu eenyummaa ummata keenyaati. Sabni aadaa, duudhaafi safuu hin qabne, akka sabaatti of ta'ee, of beekke akkasumas, ijaaramee itti fufuuf ni rakkata. Kanaaf, ummanni keenya, Irreechi, sonaafi duudhaa Oromoo ganamaa qabatee madda tuuriizimii ta'uun addunyaaf gumaata ta'ee akka tajaajiluuf, biyyaaf ammoo, hawwata tuuriizimii ta'uun utubaa diinagdee akka ta'uuf kunuunnuun, tikfachuun dirqama isaa bahachutu irra jiraata.

Kanaaf, Irreecha Hora Finfinneefi Har-sadii walduraa duubaan wayita kabajnun, duudhaalee kanneen gonfannee, ergama seenaafi dirqama dhaloonni nutti kenne hubachuun tikfachuufi kunuunfachuun milkiin akka xumuramuuf hawwiin qabu ibsaa;

IRREECHI: Kan milkii, tokkummaa, jaalalaafi badhaadhinaa nuuf haa ta'u!



Waancaan addunyaa bara 2030 ardiilee sadiitti akka gaggeeffamu 'FIFA'n beeksise

Dajane Bulchaatiin

Finfinnee: Taphootni waancaa addunyaa ALA bara 2030 gaggeeffaman ardiilee sadii, biyyoota jahatti akka gaggeeffamu 'FIFA'n beeksise.

Ardiilee taphicha keessummeessuuf filataman keessaa tokko Afrikaa yoo ta'u, waancaan addunyaa bara 2030 biyyoota jahatti qophaa'a jechuudha.

Waancaan Addunyaa yeroo jalqabaatiif biyyoota ardiilee sadii jechuunis Afrikaa, Awurooppaafi Ameerikaa Kibbaa keessatti biyyoota jaha keessatti akka gaggeeffamuudha kan ibsame.

Akka 'BBC'n gabaasetti, taphoonni baniinsaa waancaa addunyaa bara 2030, kan waggaa 100ffaa waancaa addunyaa kabaju, Arjentiinaa, Uraagaayiifi Paaraaguweetti gaggeeffamu.

Taphoota baniinsaa booda taphoonni hafan hundi keessummeessitoota ijoo dorgommii kanaa, Morookoo, Ispeniifi Poorchugaal keessatti taphatamu.

Taphoota baniinsaa Arjentiinaa, Uraagaayiifi Paaraaguweetti waggaa 100ffaa dorgommichaa kabajuuf kan gaggeeffamu ta'a.

Seenaasaa keessatti yeroo jalqabaatiif waancaa addunyaa ardiilee sadiitti



kan gaggeeffamu yoo ta'u, biyyoonni keessummeessan ja'an hundi kallattiin dorgommii kanaaf akka darban yaadni dhiyaateera.

Haa ta'u malee, yaadni waancaa addunyaa biyyoota jaha ardiilee sadii keessatti argamanitti qopheessuuf jedhu konfiraansii

'FIFA' bara dhufuurratti ni ragga'a jedhamee eegama.

'FIFA'n waancaa addunyaa bara 2034 keessummeessuuf caalbaasii federeeshiniwwan kubbaa miilaa Eeshiyaafi Ooseeniyaarraa akka ilaalus beeksiseera.

Murtee 'FIFA' hordofuun Federeeshiniin Kubbaa Miilaa Sa'ud Arabiyaa Waancaa Addunyaa bara 2034 akka keessummeessuuf gaaffii 'FIFA'f dhiyeessuu beeksise.

Federeeshinich gaaffii kana yommuu dhiyeessu, Mootiin Sa'ud Arabiyaa Mohaammad Bin Salmaan guutummaatti akka deeggaran ibsameera.



Gareen Atileetiiksii Itoophiyaa fiigicha daandirraa Addunyaa Riigaatti taasifameen qabxii galmeessisaniif badhaafaman

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Fiigicha daandirraa Addunyaa Riigaatti yeroo jalqanaaf taasifameen Jila Atileetiiksii Itoophiyaa sadarkaa lammaffaa argachuu xumureef sagantaan beekantiifi badhaasaa taasifameera.

Jilli Atileetiiksii Itoophiyaa dorgommii fiigicha daandirraa addunyaarratti

hirmaate ganama har'aa biyya wayita galu buufata Xiyyaaraa idiladdunyaa Booleetti simatameera.

Federeeshiniin Atileetiiksii Itoophiyaa dorgommii kanaan Warqee lama, Meetii afuriifi Naasa tokkoon walumaa gala Meedaaliyaa torba argachuun dorgommicha sadarkaa lammaffaa argachuun xumureef Hoteela Iskaayi Laayititti beekantiifi badhaasa kenneera.



Atileet Dirirbee Waltajjii dorgommii fiigicha daandirraa maayila tokko rikaardii fooyyessuun injifatte.

Dorgommii atileetiiksii fiigicha daandirraa idil addunyaa maayila tokkoo hara'a Laativiyaa Rigaatti geggeeffameen atileet Dirirbee Waltajjii rikaardii fooyyessuun injifatte.

Atileet Dirirbee Waltajjii fageenyichaa daqiiqaa 4fi sakandii 21 dorgommicha sadarkaa 1ffaan kan xumurte yoo ta'u Firewaayin Hayiluu sadarkaa 2ffaan xumuruun injifateetti.